

مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فننننن - إتنوونن



Ethics Of Assisted Reproductive Medicine

Sharmin Islam

Naamusa Wal-Hormaataa keessatti Fayyadamiinsa Dawaa

Qopheessaan:

Sharmin Islaam

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyooophiyaa 2017 G.C

ETHICS OF ASSISTED REPRODUCTIVE MEDICINE

Sharmin Islam

**Naamusa Wal-Hormaataa keessatti
Fayyadamiinsa Dawaa
Qopheessaan:
Sharmin Islaam**

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al
Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha*

Finfinnee – Itiyooophiyaa 2018 G.C

DF-E-TrBs-18/55

Dhaabbata Yaada Islaamaa Idil-addunyaatiin (IIIT)
Kitaabota Wolitti Fufiinsaan

Gabaabinaan Dhiyaatan.

Kitaabonni dhaabbata yaada Islaamaa Idil-addunyaa (IIIT) wolitti fufiinsaa fi gabaabinaan dhiyaatan kun kuufama gati qabeessa maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtaa ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muummee irraa hubannaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin gabaabinaan qophaa'uun dubbisuuf haala salphaa ta'een barruuwwan gurguddoo maxxanfaman irraa of eeggannoon kan gulaalamanii fi dubbistoota akka kakaasuu fi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deemanii qoratan taasisa.

Naamusni jireenyaa kun woggaawwan kurnan dabran muraasa keessaa gara dirree gurguddoo qorannooti guddateera. Fooyyen fayyaa dhufuu woliin suutuma suutaan hubannaa keenya kan jireenyi of keessaa qabdu jijjiiraara. Rakkoowwan fi dhimmoota hedduu raawwachuuf, ka'aa jiran furuuf naamusa fayyaa ni barbaachisa. Keessattuu eddoowwan wol-hormaataa fi wol-dhaalinsa sanyii namaa keessatti.

Jijjiirama giddu galeessa fiduuf wol-dhabbi hamilee (**moral**) hedduu Ogeessota fayyaa mudataa jira. Kun immoo ilaalcha Amantii barbaachisa. Hanga ammaatti akkaataa jireenya ilma namaa fi adeemsa (**karoora**) wontoota kan ibsaa (**dhiibbaa**) irratti godhaa jiran ilaalcha naamusa jireenya kan

Awroppaanotati. Kun immoo kan nu hunda ilaallatuu fi dhiibbaa hawaasaa cimaa waan fidu fakkaata. Dubartoonni obboleewwan isaaniiif bakka bu'anii ulfaayuu mirga ni qabuu? Jaarsaaf jaartiin (**qindiiwwan lamaan**) daa'ima argachuu hin dandeenye gargaarsa nam-tolcheen sanyii namni namaa arjooheen ulfaayuu mirga ni qabuu? Islaamni kanarratti maal jechuu qaba?

Naamusni qarqaarsa wol-hormaata fayyaa, wol-madaaluu fi wol-faallessuu fakkeenya (**model**) naamusa jireenya Islaamaa fi worra dhihaa, ilaalchi Islaamaa Qur'aana fi karaa ergamaa Rabbii (**Sunnaa**) irraa kan fudhatame bu'a-qabeessa fi filannoo ifa galaa ilaalcha ykn caalmaa falaasama worra Awroppaa irra kan caaluun ergaa Rabbii fi hubannaa sammuuf dursa kennuudha. Ilma namaa wolqunnamtii saalaan alaan wol horsiisuu, dubartii biraatiif bakka bu'anii ulfaayuu, qaamaan ala (**gadaamessaan ala**) sanyii kormaa Killeen wol qunnamsiisuu fkn ujumoo yaalii keessatti, wontoonni kunniin mata-dureewwan ciminaan wol-morkaa turaniidha. Barreessaan kitaaba kanaa wontoota kanniin of eeggannoo fi haala madaalawaa ta'een qoratuun, ilaalcha worra dhihaa fi kan Islaamaa furmaata barbaaduu fi jalqabatti tokkoon tokkoon isaa irratti hubannoo of danda'e akkamitti akka filate, wontoota kanneen irratti mari'achuun hundee isaa eeguudhaan, barreessan yaadawwan hedduu nama dhibu kana keessaa bahuuf karoora (**furmaata**) kennuuf yaaluun isaa kun immoo kamtu akka gaarii ta'e addaan basuuf akka baay'ee namatti ulfaatu taasiseer

BOQONNAA TOKKO

SEENSA

Kaayyoon woliigala qorannoo kanaa, Falaasama bu'uura kan Islaamaa fi ilaalcha worra Awroppaa kan amantiin addaa akka dhimma naamusa jireenyaa kana irratti dhiyaatetti mari'achuu fi qorachuudha. Kaayyoon kiyya yeroo Ogummaa fayyaa shaakallu, naamusa gaarii xiyyeeffannoon hordofuu irratti kakaasuudha. Kanaafuu hojiiin kun karaa bal'aa falaasama seera Islaamaa kan naamusa jireenya worra Awroppaa woliin karaa wol-madaalaa fi wol-faallessuu isaanii qoratuun ni dhiyeessa.

Qorannoon tun isaan lameeniifuu, "ilaalcha worra dhihaa kan amantiin hin taanee fi ilaalcha Islaamaa" falaasama bu'uura kennuuf yaaluun, ibsa adda ta'e dandeettii waa hubachuu ilma namaa fi waan bu'aa qabu adda baasanii beekuu irratti xiyyeeffata. Haa ta'u malee dhimma naamusa jireenyaa wojiin woliigaltee uumuuf, dhimmi seeraa qofti laallamuu hin qabu, garuu yaad-rimee woliigala ilma namaa kan beekumsa irraatti bu'uureffatee wol-madaalu ta'uu qaba. Dabalataanis Tiyooriin (**theories**) wonta gati-qabeessaa guddachuu qaba. Akkasuma Seerri bulmaataa dhaabbachuun duratti, dhimmi naamusa jireenyaa dirqama qoratamuu fi akkaataa bu'uura yaad-rimee (**hubannoo**) namaa irratti mari'achuun guddina beekumsa kan bu'uureffate ta'uu qaba.

Qorannoon wol-madaalinsa akkanaa tun adeemsa addaati; miira karaa haara'a ittin yaannuu fi ittiin dhihaannu nu barsiisa. Akkasumas karaa haara'a wontootaan wol-qunnamnu nu barsiisa. Ilaalchi naamusa jireenya amantiin alaa kan worra dhihaa wolumaa galaan akkaataa adeemsa Islaamaatiin adda, kunis waan sammuu hubatanii fi waan qabatamaan jireenya fi ilma namaa irratti argan qofa waan hordofuunii fi ga'ee amantiin uumaa Rabbii keessatti qabu waan didaniifi. Ilaacha worra hubannaa sammuu kana faallessuun, naamusni jireenya worra Islaamaa ergaa Rabbi irraa dhufee fi ajaja Rabbi irraa dhufe irratti hundaa'a. Inni kun immoo keeyyata amantiin irrattii, qajeelfama hafuura Rabbi irraa dhufee fi guyyaa boodaa (**Qiyaamatti**) amanuuni. Qorannoon kun karaa dabalataa kan gara garaa fayyadama. Haa ta'u malee, hanga tokko ilaalcha bu'uura kan Islaamaa fi worra dhihaa amantiin alaa qorachuuf tooftaa wontoota qabatamaan qorachuu ykn immo naamusa jireenya irratti shaakallii adeemsisuus ni fayyadama. Taateewwaan ifa galaan waan qabatamaan mul'atan woliin hariiroo qabaniin fi saayinsiin qorannoo wontoota ifa galaan kun qaroomina namaa keessatti ni argama ofiin jedhu. Adeemsi akkanaa kun wontoota yaadaan jiraniin fi qabatamaan dhugaan jiran addaan baasuuf hubannoo guddaa kenna. Dhaabbata worra falaasamaatiif meeshaan bu'uura ilaalcha qabatamaa fi sababa dhugaati. Kanaafuu karaan kun kan irratti hundayu, karaa ilaalcha sammuu ittiin wol makaa ta'eedha. Akka qorannoo tooftaa isaatti kan dhumarraa kun qorannoo waa'ee Amantii fi beekumsa sammuu qorachuu of keessaa qaba.

Hojiin kun kan ilaallatu waa'ee Maseenummaati (**infertility**). Maseenummaa jechuun woggaa tokko guutuu osoo wol-qunnamtii saalaa wol-irraa hin cinnee raawwatamaa jiru, osoo mala-ittisa da'umsaa hin fayyadamin ulfi lubbuu qabuu fi guddatu uumamuu dhabuudha. Ijoollee argachuuf fedhii qabaachuun waan uumamaa fi kennaa guddaa ilma namaati. Haa ta'u malee Abbaan manaa fi haati manaa (**xindiin**) muraasni tokko tokko ulfaayuu dadhabu. Maseenummaan dhiiraa kan dhufuu danda'u, yoo abbaan worraa sanyii kormaa xinnoo ykn Homa tokkoyyuu oomishu dadhabeedha. Akkasuma maseenummaan kan dhufuu danda'uun yoo Dhiirri sanyii kormaa kan suuta socho'u, ykn inumaa kan hin sochoone akkasumas immo sanyii kormaa sirrii (**fayya-qabeessa**) yoo oomishu (kennuu) dadhabeedha. Tarii inni immoo qabiyyee dhangala'oo sanyii kormaa gahaa hin taane, takkaa immoo dhangala'oo hedduu kan sanyii kormaa kana haphisu (**qallisu**) ykn immo kan humna hin qabne, kan gadi keessa hin utalle ykn immo dafee keessa utaalu (**utuu killee dhalaa hin urin**) uumuun kun maseenummaa fida. Tarii sanyiin keessaa gadi bahu kun gara fincaaniitti makamee bahuu danda'a. ²

Maseenummaan dubartii kan dhufuu danda'uun gadaamessa keessatti Iddoon killee oomishu (**ovary**) hanqaaquu oomishu dadhabuu irraayi yeroo hundaa sababni isaa yoo qaamni killee oomishu kun xannacha pitutarii (pituitary) irraa si'eessa (**stimulate**) hoormoonii gahaa argachuu dhabeedha. Sababni biroo immoo qaamni killee oomishu dhabamuudhaan (absence **of ovaries**), hoormooniin rakkinna

qabaachuu, seeliin sirritti dhiita'uun dafee wol-horuu (**Gosa kaansarii**). fi kkf. Killeen (**hanqaaquun**) bilchaatuu (**qophaayuu**) ni malti garuu sababa madaayuu Gadaamessaa ykn dhukkuba (faalama) gadaamessa keessa jiruuf iddoo itti oomishamtu irraa bahuu hin dandeessu. Yeroo hunda hanqaaquu oomishu dadhabuunis dubartii maseenummaa ni fida. Sababa tokko tokkon hanqaaquun hin qophaayu; achirraa immoo kutaan killee oomishu (**ovary**) guyyoottan kudha afran itti aanan hoormoonii ulfa jiraachisuu danda'u oomishu dadhabu. A kkasumas ujumoon hanqaaquu gara gadaamessaa geessu (**fallopian tube**) mudaa (**defective**) qabaachuun isaas maseenummaaf sababa taha. Dubartiinis gadaamessa kamiyyuu hin qabdu ta'a. Fayyaa dhabuu (**miidhamuu**) yeroo da'umsaa ykn immo faalamuu (**infection**), dhiita'uu tishuu faayberii (fibroid) jedhamuu ykn ulfa baasuu (**abortion**) kan akka ulfi iddoo hin qabanne dhoowwu danda'a.

Maseenummaa ittisuuf karoorri (**Tooftaan**) hedduun baheera (guddateer). Naamusa wol-hormaataa keessti mata-duree wol-dhabbii (**mormii**) qabu keessaa tokko, teknoolojii haarawa fayyadamuu fi ulfaaf haala mijeessuuf hawaasa karaa haarawaan qindeessuudha. Qaroomni ilma namaa argannoowwan kana irraa karaa Hedduun haa fayyadamullee, hedduun isaa rakkoo naamusaa hedduu fidee jira. Kanaafuu, garam akka deemaa jirru yoo sirritti hin beekne ta'e, qorannoon naamusaa barbaachisaadha. Marii keenya waa'ee ilaalcha woli galaa kan worra dhihaa fi naamusa jireenya Islaamaa irratti gabaabbanna. kunis qorannoon haarofni kun eebba moo abaarsa

jennee murteessuufi. Adeemsa lameen kana wol-bira ilaaluun (**madaaluun**) fi Qorannoo keenya waatoota baay'ee barbaachisoo ta'an afurii fi dhimma ammaa kanta'an irratti daangessina. Dhimmi afran kunniin immoo; 1 ^{ffaa}, karaa nam-tolcheetiin sanyii kormaa gadaamessa keessa kaayuu. 2 ^{ffaa}, hanqaaquu qaamaan alatti horsiisuu. 3 ^{ffaa} Namaaf bakka bu'anii akka haadhaatti ulfaayuu. 4 ^{ffaa}, wol-qunnamtii saalaatiin alatti sanyiii wol-fakkaataa horsiisuudha.

BOQONNAA LAMA

ILAALCHA AMANTIIN ALAA NAAMUSA JIREENYAA KAN WORRA DHIHAA.

Qorannoon kana keessatti, jechi naamusa kana worra dhihaa jedhu ilaalcha worra dhihaa kan addaa kan waa'ee naamusaa ilaalchisee isaan qaban kan jaarraa 17^{ffaa} irraa eegalee karaa tokkoon guddate ilaala. Naamusni akka ummanni yaada qabatamaa irratti hundaa'uun wol-dhabbi cimaa hamilee keessatti jiru iratti murteessuuf gargaara. Kanaafuu nuti "**Falaasama Qorannoo Hamilee**" jechuun naamusa ibsine. Karaan lamaan kun kan ibsuu fi waa'ee hamilee (**mooraalii**) xiinxallaa kan godhu gaafii hamilee utuu hin fudhatin kanaafuu adeemsi kun karaa beekamaa (**madaalawaa**) hin ta'in jedhama. Adeemsi lamaan hafan immoo hamileef iddoo qabaachuu isaani of keessaa qabu, kanaafuu karaa sirrii (madaalawaa) jedhama. Adeemsa madaalawaa hin taane kana jalatti, dura kan dhufu ibsa naamusaati. Kaayyoon ibsa naamusaa waa'ee hamilee (mooraalii) beekumsa qorannoo irratti hundaa'e argachuufi. Jijjiiramni naamusaa kan of keessaa qabu, jechoota bu'uuraa kan naamusa keessa jiraniif hiikkaa kennuudha. Kanneen akka mirgaa, dirqamaa, waan gaarii, amala gaarii fi itti gaafatamummaa.

Dalagaan wolii gala naamusa dhugaa (**sirrii**) kun naamusa yaada qorannoo gadi dhaabuun akka inni deebii wolii galaa gaafiif kennuu gochuudha. Sunis kan akka, waan akkamiitu mooraaliin (**safuu**) isaa sirriidha? Mooraalii (**safuu**)

akkamiitu dogongora? Naamusni madaalawaan kan shaakallii kun kan naamusa madaalawaa woli galaa caalaa hedduu guddateera (**fagaateera**). Naamusni sirrii (**Sadarkaa gate**) shaakallii kun rakkoowwan mooraalii (**safuu**) gara garaa furuuf wontoota akka seera bu'uuraa, tooftaawwanii naamusa madaalawaa fayyadama. Qorannoowwan ilma namaa of keessatti hammatan kanneen akka of ajjeesuu, yakkaa fi adabbii fa'a. Gocha shaakallii kana ibsinu naamusa shaakallii jedhama. Akkuma naamusa Diinagdee ykn immo naamusa Injinarii (**maandisummaa**), naamusni jireenyas adeemsa damee barumsaa gara garaa wojjiin wolitti dhiyaatu qaba. Inni kun immoo damee naamusa sirrii nan shaakallii ykn naamusa sirrii kan hojii jedhama.

Naamusa Jireenyaa fi Seerota (Bu'uura) Iisaa.

Jechi “**Bio ethics (Naamusni jireenyaa)**” jedhu jechoota Giriikii irraa dhufan of keessa qaba. Jechi “bios” jedhu hiikkaan isaa “jireenya” jechuudha. “Ethike” jechuun immoo “**naamusa (amala gaarii)**” jechuudha. Kanaafuu, “Bio ethics” jechuun mala (**akkaataa**) ittiin iddoowwan saayinsii jireenyaa fi eegumsa fayyaa keessatti amala namaa ittiin qoratan, jedhamee ibsamu danda'a. Kunis waan hojiin kun hamilee gaarii fi ulaagaalee saara qabeessa irratti hundaa'uufi.

Naamusni jireenyaa rakkoowwan Hawaasaa hedduu qorata. Kanneen akka fayyaa ummataa woliin wol-qabatanii Ogummaa fayyaa, fayyaa woli galaa (**addunyaa**) fi naamusa baay'ina ummata too'atu. Jireenya namaa fi fayyaa biras dabruun

rakkoowwan dhimma bineensotaa fi jireenya biqiltoota of-keessatti qabatu. Akka fakkeenyaatti, mata-duree qorannoo biqiltoota waliin wol-qabatu fi mirga naannoo eeguu kaasun ni danda'ama.

Akka seera biraa yoo ta'uu baates, akka ilaalcha naamusa seera fi yaada qorannootiin qorattooni naamusa jireenyaa kun odeeffannoon dhugaa akka hamilee qabeessa ta'u xiinxalluu fi hiika itti kennuu. Akka qorannoo dameewwan gara garaatti, saayinsii jireenyaatti irra dhiyaata. Sababni isaa qajeelumaan dhimma naamusaa kan saayinsii jireenyaa waliin waan wol-qabatuufi .Naamusni bu'uura kan wolii galaa sadi marii naamusaa qarqaaruuf naamusa jireenyaa keessatti dagaaganiiru. Kunniin immoo: wol-qixxummaa, tola-ooluu (**gaarummaa**) fi ofiin of bulchuudha.

Naamusa jireenyaa keessatti ofiin of bulchuun mirga namooma agarsiisa. Kunis waan namni dhuunfaa kamiyyuu waan fedhe filatuuf murtii isaa ykn ishee hojitti hiikuuf mirgaqabuufi. Humnaan dirquu, gowwoomsuu fi daangessu irraa bilisa ta'uu qaba. Ofiin of bulchuun gocha karoorfame (**itti yaadame**) of-keessaa qabaachuu qaba. Kanneen akka, ilma namaa naamusaan murtii kennuu keessatti, murtii dhumaa uumuu qaba. Of- danda'anii murtii kennuu keessatti, dhiibbaan alaa kamiyyuu ykn immo daangessan kamiyyuu gahee hin qabu. Seerri tola ooluu jedhu, kan durumaanuu gocha gara laafinsaa agarsiisu fi nama qarqaaru akkasumas kamiyyuu kan nama biroo fayyaduu agarsiisa. Tola oolun waantoota Afur of

keessaa qabaachuu mala: 1^{ffaa}, namni tokko miidhaa fiduu dhabuu. 2^{ffaa}, namni tokko miidhaa ittisuu qaba. 3^{ffaa}, namni tokko miidhaa (**waan gadhee**) balleessuu qaba. 4^{ffaa}, namni tokko waan gaarii hojjechuu ykn itti nama kakaasuu qaba.⁷ Wo-lqixxummaa kan agarsiisu yaad-rimee, mirga qabaachuu fi waan haqaa (**qixa sirrii ta'e**) of keessaa qaba. Hoggansa fayyaa keessatti dhimmi beekamaa fi barbaachisaa ta'e, qabeenya xiqqoo kana akkamitti hunda woliin gahuun danda'ama kan jedhuuf qabsoo gochuudha.

Amantii fi Jireenya Ilma Namaa Gargar Baasuu Ilaalcha Jedhuu fi Ilaalcha Worra Dhihaa Kan Naamusa Jireenyaa.

Kutaan (mata-dureen): A) Gabaabumatti kan ibsu amantii fi jireenya gargar baasuu, seenaa isaa fi akkaataa beekumsa ilma namaa agarsiisuudha. B) Beekumsa worra dhihaa keessatti bu'uura bali'suuf, Jechi seekular jedhu jecha laatinii kan **Saeculum** jedhuirraa yoo dhufu hiikkaan isaa yeroo fi iddoo jechuudha. Yeroon kan agarsiisu hiikkaa amma jedhu agarsiisa. Iddoon immoo hiikkaa Addunyaa ykn kan jireenya duniyaa tanaa (faallaa jireenya addunyaa kan ta'e kan mul'achuu ykn beekumsa ilma namaatiin ala ta'e isa hin ilaallatu). **Seekular** jechuun umrii kana ykn yeroo ammaa jechuudha. Wolumaa galatti taateewwaaniiii fi keessattu wanta amma Addunyaa kana keessatti ta'aa jiran agarsiisa.⁸

Ilaalchi amantii fi jireenya gargar baasuu (**Secularism**) yeroo hundaa amantii kiristaanaa woliin wolqabata. Haala saniin

seenaa kiristaanaa Awroppaa of keessatti qaba. Karaa tokkoon ilaalchi amanti fi waa'ee jireenya addunyaa adda baasuu kun kan ilaallatu Awroppaan seera fi hojii **Bataskaana** worra kaarra giddu galeessa san jalaa bahuufi. Haa ta'u malee kaayyoon qabatamaa kan seekulaariin agarsiisu, waaqa (**Rabbiin**) yaada ilma namaa fi jireenya irraa qabatamaan gargar baasuu (**kophaatti**).

Ilaalcha naamusa jireenya keessatti amantiin hariiroo (**barbaachisummaa**) woyiituu isaan hin qabu jechuun ni danda'ama. Naamusni jireenyaa yeroo fi seenaa ofii ofumaa kan uumateedha. Seenaa naamusa jireenyaa keessatti ilaalchi amanti madditti qabameera, aadaan amanti fi jireenya gargar baasuu jedhu kun bu'uura ta'eera. Akka seera wolii galaatti fudhachuun wolii galtee godhan. Xiinxaloonni falaasamaa hammayyaa fi yeroo sanii kan Ameerikaa fi Biriitaaniyaa worra karaa kana duraan argatani. Gosti ilaalcha wolii galaa kan naamusa jireenyaa kun akka Barnootaa tokkotti dhalate. Hayyoonni ilaalcha kana keessatti argaman suutuma suutaan waa'ee uumamaa, wontoota fi karaa dameen barumsaa haarofni ittiin dhalatu karoora baasuu jalqaban. Naamusni jireenyaa worra dhihaa amma ilaalcha addunyaa (**secular**) ta'eera.

Ilaalcha wolii gala naamusa jireenyaa kan worra dhihaa jechuun haala ifa ta'een maal jechuudha? Naamusni jireenya kun saayinsii fayyaa irratti qaama namaa akka maashinaatti ilaala. Sun immo waan dhokataa osoo of keessa hin qabne akka seera wontootaatti kan hojjetu. Akka Ilaallata (model) kanaatti,

wonti kamiyyuu waa'ee ilma namaa kan nuti beekuu barbaannu, kutaawwan qaama ilma namaa qorachuun argama jedha. Kanaafuu wonti kamiyyuu kan haala qabatamaa qaama ilma namaatiin wol-qabatu, kan akka sammuu fi lubbuu (nafsee) ni hambifaman ykn ni dagataman gara amantiiti dabarsinaan. Naamusni jireenyaa karaa adda ciccitaa kanaan damee naamusa shaakallii ta'e. Ilaalcha ilmi namaa, gargaarsa bu'uura beekumsaa kamiyyuun alatti yookiin immoo karaa biraatiin gargaarsa ajaja (**qajeelluma**) waaqaatiin (Rabbii) alatti, ofiin of guutuu danda'a jedhu of keessaa qaba.

Akka malee dagaagu saayinsiin fayyaa lubbuu qoratu wojiinuu, Jaarraan diigdami tokkoffaa dhimma wol-xaxaa (**mormisiisaa**) kan waa'ee naamusa fayyaa lubbu qabeeyyii Isa mudataa jira. Yaaddoon bu'uuraa waa'ee dhimma lubbuuti fi keessattu, ilma namaa wol-qunnamtii saalaan ala horsiisuu, proojektii sanyii (**seelota**) wol-hormaataa namaa fi qorannoo isteeem (**stem**) seelii fa'a. Worri amanti haala ifa galaan morman. Dhimmi kun baay'ee ariifachiisaadha, garuu murtee haakimootaa qofa ta'uu hin qabu. Sababni isaa saayinsiin kan ilaalu “**ta'a**” waan jedhu, naamusni immoo “**ta'uu qaba**”. Waan jedhudha. Kun immoo marii hamilee kaasee jira. Naamusni jireenyaa akka waan galaana qaxxamuruutti dafee guddachuun fi seera (**bu'uura**) hamilee fooyyessuun furmaata kennuu qaba. Seera fi qorannoowwan yaadaa irra deebi'e ilaaluun yaada gosa falaasama kana dhoowwu osoo hin taane marii beektota hawaasa dura (afoo) fiduu qaba.

BOQONNAA SADI

NAAMUSA JIREENYAA ISLAAMAA.

Naamusa jireenyaa Islaamaatiif wontoota bu'uuraa shantu jira. Islaamaa jechuu yoo ibsine, haala jireenyaa hunda keessatti fedhii Rabbiitiif of-kennuu (**ajajamuu**) jechuudha.

Dhugumatti kun karaa jireenyaa guutuudha. Islaamummaan jireenya nama dhuunfaa fi kan hawaasa akka woli galatti qajeelchuu fedha. Karaa mootummaan Rabbi dachee tanarratti gadi dhaabatuun kan mirkaneessuu fi nagahaa, tasgabbii fi nagahaan jiraachuun kan addunyaa guutu fedha.⁹ Burqaan (bu'uurri) seeraa (shari'aa) afran : **1**, Qur'aana **2**, karaa ergamaa Rabbi (S.A.W) * **Sunnaa**). **3**, waan beektonni Islaamaa (ulamaa'a) irratti woli galan. **4**, Kan irratti madaalame (**qiyaasa**). Seerri bu'uuraa kan bulmaataa Qur'aana. Qura'nni dhimma jireenya ilma namaa hunda qajeelchaa duraati.

Qur'aanni tokko tokko rakkoo ummata Muslimaa mudatu hunda ifa galaan hin ibsu. Karaan ergamaa Rabbi (**Sunnaa**) lammaffaa yookiin hundee ibsa qajeellumaati. Muslimoonni beektota Islaamaa (**Ulamā**) irraa karaa woli galattiin (**ijmaa'a**) qajeeltumaa barbaada. Beektonni Islaamaa woliin madaaluu (**qiyaasatti**) gargaaramu. Dhumarratti hayyoonni gara yaalii (**ijtihaad**) (of danda'anii malaan yaaduun sababa dhiyeessuu). Rakkooowan cimaa hawaasa Muslimaa mudatan gadi fageenyaan furmaata kennuuf. Jechi “Ijtihad” jedhu wanti inni ibsu qabsoo beekumsaa beektonni gau'msa

guddaa qabanerga abbaan amantii dubbii isaa keesatti dabarsuu barbaade hubatanii jireenya namaa keessatti hojiitti hiikuuf godhaniidha. Akka jireenyaa dhugaa keessatti kennamee fi dhimma yeroo gabaabaa fayyaa jabanaa mudataa jiraniif damee godhachuu naamusa dhimma kana (Naamusni kun damee (karaa) heddu uumuu). Naamusni jireenyaa Islaamaa bu'uura falaasama wontoota shanan furtuu seera Islaamaa irraa dhufan kana irratti hundaa'uun dhimma kana furuu barbaada.

Seera Bulmaata Islaamaa Fayyaa Hammayyaa Woliin.

Adeemsa suuta dagaaguu keessatti, yaalli fayyaa Islaamaa seera fayyaa hundee armaan gadii irraa fudhate:

(a) Waan lamaa akka tokkotti hiikaman waan tokko kan biraa irraa fuudhanii woliin madaaluu (qiyaas) fi dabalataan irratti woliin galuu (**ijmaa**)

(b), waan qabatamaa fi sababa qabu, kan beekumsa sammuu irraa fudhatame, kunniin immoo: filachuu (**Istihsaan**), fudhatama qabaachuu (**Istishaab**) fi **Istirsaal**, kkf. Bifa ifa ta'een qabiyyee isaanii ni dubbanna.

Istihsan jechuun akka hiikaan kallattiitti waan tokko ni ta'a jedhanii filachuu jechuudha. Akka **Fiqhi** Islaamaatti, Istihsanni karaa ilmi namaa yaada ofii itti ibsatuu fi wontoota wol-qixxummaa, jijjiirama hin qabne, kan seera irra keessa jecha isaa irratti hundaa'anii hojiitti hiikuu irraa dhufuu dhiisuudha. Hashim kamaali akka ibsetti hiriyooni ergamaa

Rabbii (Sahaaba) fi worroonni itti aanan (**Taabi'iin**) worroota hiika kallattii qofa fayyadamuu miti. Garuu yeroo hundaa akkataa hubannoo amantii fi kaayyoo seera Islaamaa (**Shari'a**) irratti hundaa'ee hiikaa wontootaa kennu. Kamaaliin fakkeenya hammayyaa ibseera, seera Islaamaa keessatti ragaan afaanii yeroo tokko akka ragaa qabatamaatti fudhatamaa ture. Har'a garuu, dhimmoota tokko tokko keessatti, suuraa kaasuun, sagalee woraabuun fi labratorii qorachuun karaa amansiisaa waa ittiin adda baasan ta'eera. Dhimma hedduu keessatti ragaa afaanii bakka bu'uu danda'eera. Tooftaan Istihsan akka asirratti fayyadamee ibsa. ¹²

Istishaab jechuun hiikaa kallattiitiin jaalachuu ykn itti madaquudha. Jiraachuu fi jiraachuu dhabuu dhugaa jiru ammanuu (fudhachuu) dha. Ragaan seera Islaamaa (**Sharia**) kan biraa wonta tokko kan mirkaneessu yoo hin jirre inni kun ni fayyada. Istishbab (fudhatamuu) hanga wonti Isa faallessu hin jirreetti dhugaan itti fufuu agarsiisa. Fkn gaa'illi, qabeenya ofii woliid dabarsuun. Kunniin waan fudhatama fi jaalatamaa itti fufuu qaban hanga wonti isa daangessu dhufutti.

Gosa Istihbaabaa (wanta jaalatamaa) afurtu jira.

Isaanis

1, wonti duraan hin jirre akkuma hin jirreetti fudhatamuu qabu.

2, wonti duraan seeraan ykn sababa qabatamaan jiru fudhatamuu qaba. Fakkeenya abbaan worra yeroo fuudhuu

gaa'ela kana gati qabeessa gochuuf, waan gaarii hojjechuun uumamaan waan jiruuf jaartii isaatiif qabeenya (**mahrii**) kennuu qaba.

3, seera fudhachuu, inni kun kan agarsiisu seerri wolii galaa fi heerri bulmaataa itti fufuu qaba. Fakkeenyaaf, yoo heerri bulmaataa (Kan dhoowwu ykn hayyamu ta'e) akkasumatti akka itti fufu fudhachu qaban.

4, hanga wonti isa baleessuu dhufutti fkn bishaan qulqulluun wonta fudhatama qabu itti fayyadamu hanga faalamutti akkuma qulqulluutti laallama. ¹³

Aadaa baratamaa (**urfi**) seera waan namaaf hayyamamu (halaala) fi dhoowwamaa (**haraama**) seera Islaamaa (sharia) keessatti iddoo qaba. Aadaan baratamaan (**urfi**) kun akka naannoo fi wolii galaatti barbaachiumman kan itti fayyadamaa jiraniidha. Seera Islaamaa hiikuu fi hojitti jijjiiruuf gahee guddaa qabu. Faaydaa hin daangeffamne (**maslahaa mursalah**) jechuun fedhii ummataa kan hin daangeffamne jechuudha. Maslahaa jechuun hiikkaan sirrii bu'aa ykn fedhii jechuudha. Maslahaa mursalah jechuun faaydaa eeguu fi miidhaa hambisuu. Kun kaayyoo seera Islaamaa (Shari'a) tiin wolumatti galu. Haala haara'a addunyaa jijjiiramaa keessatti beektota mudataniif isaan qarqaara. Dabalataan immo murtiin hayyoota Islaamaa (**Fatwaa**) bu'uura (hundee) qajeeltumaati, of-eeggannoon laallamuu qabuu dha. Ta'ullee yoo wolii galtee ifa galaan ta'e malee jabeeffamuu hin qabu. Murtee hiriyoota ergamaa Rabbii (Sahaaba) jechuun

yaada isaanii karaa yaaliitiin (ijtihaad) barreefamaan nu gahe jechuudha. Dhuma irratti, qajeelfamni woliigalaa, kan beektotaan baratame kun miidhaa dhoowwuun faaydaa fiduu dura dursi kennamuufii qaba. Kanaafuu miidhaa deebisuun Sunnaa ykn karaa ergamaa Rabbii keessatti ni fayyaddi. Wolumaa galaan saddi al-darar jechuun waan hamtuu cufuu ykn dhoowwu jechuudha. Fakkeenyaaf hamtuumhamtuu dhooyguu jechuun ergamaan Rabbii hawaasa gargar baasuu fi shakkiin dogongoraan nama ajjeesuun mala jechuudhaan worra munaafiqa ajjeesuu dhoowwe.

Yeroo yaalaa fayyaa hammayyaa keessatti seera Islaamaa muldhisuu (**1420** akka lakkofsa hijraa irraa kaasee).

Ilaalchi kaayyoo seera jedhu, kaayyoo seera Islaamaa (Maqaasid al shari'aa), akka heera bulmaataa cimsinee isa irraa baafnu nu qarqaara. Kaayyoon seera Islaamaa ykn Kaayyoon guddaan, karoorri ykn Abdiin seera Islaamaa kun wontoota armaan gadii eeguuf qophiidha: isaanis;

- 1) Amantiin
- 2) lubbuu (**nafsee**)
- 3) Hundee ilma namaa (**progeny**)
- 4) Sammuu fi
- 5) Qabeenya

Amantii eeguun haala fayyaa of keessatti qabatuun fayyaa kunuunsuu agarsiisa. Fayyaa jechuun kan agarsiisu asitti fayyaa sammuu fi qaamaa jechuudha. Waa'ee lubbuu eegu ilaalchisee, Rabbiin yeroo du'aa fi dhalootaas sirriitti too'ata.

Haa ta'u malee hanga Lubbuun nu keesa jirtu, jireenya gaarii jiraachuu barbaachisa. Ga'een fayyaa as keessatti argama. Ilma namaa kamiifuu jireenya gaarii mirkaneessuu qabna. Jireenyi kabajaadha (**qulqulluu**), Qur'aanni immo qulqullummaa isiitiif itti gaafatamummaa qaba. Kanaafuu Kaayyoon bu'uura naamusa fayyaa Islaamaa lubbuu (**nafsee**) eeguudha.

Saanyii dhala namaa eeguun itti gaafatamummaa fayyaati, yoo ogummaan fayyaa ijoollee eegee kanaafuu fayyaan isaanii ni mirkanaa'a. Dhaloota ijoollee nagahaan adeemsisuuf, dubartii ulfaatiif kunuunsa gochuu, fayyaa maatii eegu fi kan ijoollees eeguun barbaachisaa dha. Fayyaan gaariin ga'eessa ta'uu, wol horuu fi itti fufuu jireenya ilma namaa dura barbaachisa. Akkasuma Islaamummaan wol - hormaata jajjabeessu, maseenummaa yaaluus ni kakaasa (**deeggara**).

Sammuu (**mind**) eeguun naamusa fayyaa waliin wol qabatee, dhibee sammuu ykn qaamaa kamiyyuu yaaluun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Dhukkuba irraa woyyaa'uun (**fayyuun**), boqonnaa (**hara baafannaa**) sammuu namaa fida. Shanaffaan qabeenya hawaasaa kamiyyuu eegu, Sunis nagahaan Oomishu hawaasa waliin wol-qabata. Ogummaan fayyaa, dhaloota fayya qabu uumuun dhibee ittisuu, fayyaa dagaagsuu fi dhibee yaaluun qooda ofii kenna.

Seerri fi bu'uurri bulmaataa seera Islaamaa mata -duree sadiin kana jalatti qoodama

a) wontootaa wolumaa galatti baay'ee jiraachuuf dirqama barbaachisan (**daruuriyyaat**).

b) Wontoota barbaachisan (**hajiyyaat**).

c) Wontoota jireenya miidhagsuuf barbaachisan barbaachisaa (**tahsiiniyyaat**). Wontoonni shanan armaan olii kun qooda baay'ee barbaachisaa jalatti ramadamu

Dhimma Wol-dhabbi Qabu Ilaalchisee Sseerota Barbaachisan.

Seerri dhimma wol-dhabbi of eeggannoo ilaaluun barbaachisaadha. Akkuma jireenya dhugaa keessa wol-dhabbiin jiru, yoo dhimma armaan olii gidduu wol- dhabbiin jiraate kan eeguun barbaachisu? Qajeelfamni duraa kan bu'uuraa xiinxallaa (niyyaa) barbaachisa. Wonti sun akka kaayyoo isaatti laallamuu qaba. Hojiin kamiyyuu kan hubatamuu danda'uun akkaataa kaayyoo (**yaada**) Isa duuba jiruuni. Ogeessota fayyaa keessa isaanitiin akka mari'atan kakaasa fakkeenyaaf dawaa morfiin (**morphine**) jedhamu kan dhukkubbii nama irraa laafisu fayyadamuun buufata fayyaatti, yoo yaanni (**niyyaan**) kan dhugaa sirna hargansuu ukkaamsuun kan du'aaf nama saaxilu sababa gochuu yoo barbaadeedha. Kanaaf karoorri (**niyyaan**) barbaachisaadha. Akka damee qajeelfama lammaffaatti wonti laallamuu (yaada) niyyaa, hiikkaa qajeelaatii miti. Dameen qajeelfama kanaa kun hojiin tokko gadhee ta'uu isaa mul' isuuf wol mormii seeraa fayyadamuun kan hiika qajeelaa irratti hundaa'uun sirrii akka hin taane mormaa turan. Fakkeenyi kanaa, guddina sanyii gadaamessa keessaa irratti hiikkaa dubbii ergamaa Rabbii (Hadiisaa) kennuun waa'ee ulfa baasuu mirkaneessuuf osoo Ruhii (**lubbuu**) hin godhatini. Dameen

qajeelfamaa sadaffaan yaadaa fi ulaagaan yoo wolfakkaate akkasumatti murtaa'uu qaba. Fakkeenyaaf wanta kaayyoo fayyaa kennuu hin qabneef karaa sirrii (**fudhatama**) hin qabneen hojjechuun faaydaa hin qabu. Afraffaan wonti shakkii of -keessaa qabu dhoowwamuu qaba. Qajeelfamni kun kan fayyadu wontoota namni uumaman woliin dhalate yeroo dheeraaf woliin jiru kan hanqina qaamaa irra jiru osoo inni miidhaa hin fidin yaaluuf itti seenuun barbaachisaa miti jedha. Shanaffaan, hundeen wontootaa hayyamamaadha. Yoo wonti dhoowwu jiraate malee, adeemsi fayyaa hunduu ni hayyamama. Dhuma irratti Jahaffaan, wonti kamiyyuu kan hojii saalaatiin wol-qabatu akka dhoowwamaatti fudhatamuu qaba. Yoo ragaan hayyama ta'uu mirkaneessu jiraate malee. Seera woli galaa wonti hunduu ni hayyamama kan jedhu kan armaan oliitiin adda. Adeemsa fi haala tokko tokko kan dalagaa saalaa fi wol-hormaataatiin wol-qabatan malee.

Qajeelfamni bu'uura lammaffaan, miidhaa fiduu dhabuu. Qajeelfamni kun kan irraa dhufe hadiisa (**dubbii ergamaa Rabbii**) kan " miidhaan kamiiniiyyuu tuquu ykn tuqamuun Islaamaa keessa hin jiru", (**Laa darara walaa diraara fi al- Islaam**) kan jedhu. Miidhaa kamiyyuu fiduu dhabuuf ykn balleessuuf, ogeessonni fayyaa (doktoroonni) hojii Isaanii keessatti miidhaa fiduu ykn sababa ta'uu hin qaban. Dameen qajeelfama lammaffaa wonti jedhu, hanga danda'ameen miidhaan (**madeessuun**) dhoowwamuu ykn laaffifamuu qaba. Dameen seera Sadaffaa wonti jedhu, miidhaa ummata woli galaa eeguuf kan dhuunfaa miidhuu woyya jedha. Namni tokko

miidhaa hawaasaa eeguuf kan dhuunfaa balleessuu ni danda'a. Akka qajeelfama damee lammaffaatti, adeemsi yaalii fayyaa akka seera bu'uuraa san irratti mirkaneessuu qaba madaa san. Yoo madeesse immoo fayyisuu qaba.

Afraffaan - waan buu'aan isaa wol-qixa ta'e miidhaa ittisuutu caala. Yoo faaydaan isaa miidhaa caale immoo, kan faaydaa qabu hordofuun barbaachisaa dha.

Shanaffaan- miidhaa guddaa dhoorguuf miidhaa xiqqaan raawwatamu qaba. Yoo haalli fayyaa wal-faallaa lama walitti dhufe, lameenuu kan miidhaa qaban, karaan biraa hin jirre, yoo ta'an lamaan keessaa kan miidhaan isaa xiqqaa filadhu. Fakkeenyaaf, dhibee daddabraa ittisuu keessatti, motummaan sochii ummataa daangessuu danda'a. Kun immoo tarii qabeenya isaa /ishee balleessuu danda'a.

Jahaffaan-wonta faaydaan isaa wolqixa dhufurraa miidhaa ittisuutu caalaa fakkeenya, madaa tokko adeemsa yaalaatin fayyisuuf miidhaa adeemsi yaalaa kun fiduun yoo wol-gite dhiisuu barbaachisa.

Dhumarratti, torbaffaan namni dhuunfaa ofii miidhamuun (baachuun) fedhii ummataa eeguu qaba. Yaaliin fayyaa kan ummata fayyadu kan dhuunfaa dura dursa (**xiyyeeffannoo**) kennuu barbaachisa. Kanaafuu mootummaan mirga ummataa faallessuu hin qabu, yoo akkasuma ummata fayyada ta'e malee.

Qajeelfamni ijoon kan Sadaffaa, dhugummaa (**haqa**). Hanga ifaan ragaan dhoowwuu jiraatutti wonti kamiyyuu hayyamamaadha.¹⁴ Garuu yoo seerri ifa galaan hin jirre maal ta'uu qaba? Wonti hundinuu fayyaa keessatti wolitti dhiyaatu fi ni ta'a waan jedhamuudha. Kanaafuu yaaliin fayyaa sadarkaa shakkiitti geggeeffamu hin qabu. Murtiin yaalii wol-madaalinsa ni ta'aa fi hin ta'uu irratti murtaayuu qaba. Qaama namaa irratti Hanqina ykn mudaa yeroo dheeraa isaan irra tureef, fakkeenyaaf baqaquu hidhii, quba dabalataa fi kkf kan miidhaa tokkoyyuu hin geessine, yaalii fayyaa kan baay'ee hin barbaachisne kennuufii qajeelfamni kun ni dhoowwa.

Hundeen qajeelfama afraffaa, waa'ee rakkinaati (**waan ulfaatutti**). Rakkoon laafinsa fiddi (**dhalchiti**). Iddoo yaalaatti, rakkina jechuun, kan yoo saffisaan hin fooyyofne fayyaa qaamaa fi sammuu dhoowwuu jechuudha. Rakkinni heera bulmaata Islaamaa hunda (**all the Shari'ah Rules**) fi dirqama ni laaffifti. Akka damee qajeelfama lammaffaatti rakkinni laafinsa fiddi ykn ciminni laafinsa dhalchiti. Yoo ulfaatinni jiraate karaa salphaan akka hiikamu hayyamama. Qajeelfamni kun kan of keessaa qabu, dhugumatti seerri Islaamaa waan cimaaf (**rakkinaaf**) nama saaxiluu osoo hin taane waan laafaa hojjechuu irratti hundaa'a. Kanaafuu, yaaliin fayyaa kan dhoowwaman, qajeelfama rakkinaa jalatti yoo barbaachisummaan jiraate hayyamamu qaba fkn fayyaa haadhaatiif jecha ulfa baasuu. Akka dameen qajeelfama Sadaffaa barbaachisummaa rakkinaatiif wonta dhoowwamu hayyame. Wonti dhugumaan rakkinaa akka rakkootti

fudhatamee furmaanni kennamaf (seerri ni laaffifamaaf). Yeroo kamiyyuu yoo rakkinni dhufe, seerri wontoonni akka laaffifaman godha. Wontoota akkanaatiif tarkaanfiin kun kan fudhatamu yoo rakkinni waan dhugaan jiru, ta'e malee waan yaadaa miti. Fakkeenyaaf, qajeelfama rakkinnaa jalatti, wonti dhoksaa muldhachuu mala akka barbaachisummaa isaatti. Yoo dhaddacha irratti wol mormiin jiraate, ogeessi fayyaa dhimma yakkaa kan haqni dhokate keessatti ragaa kennuu qaba.

Hundeen qajeelfama shanaffaa, aadaa baratamaa of keessaa qaba. Wonti baratamaan akka woli galaatti fudhataman kan eegumsa fayyaatiin wal-qabatan akka aadaatti ibsama. Wonti akka baratamaa (**aadaa**) tti laallamu, wonta wol-fakkaataa, kan ball'inaan faca'ee fi kan bakka hundatti iddoo qabu. Aadaan baratamaan gocha amma dhufe osoo hin ta'in waan duraan jiru ta'uu qaba: kanaafuu woli galtee fayyaatiif carraan uumamuu danda'a.

Hariiroon naamusa jireenyaa keessatti jiru, mirga kana galmaan ga'uuf Islaamni nageenya seeraa qofa hin ibsine, hamilee uumamaa baay'ee cimaa fi bu'a qabeessa ibse malee. Naamusni gati qabeessi kanneen akka; wol - qixxummaa, gara – laafinsaa, amanamummaa, dhugaa, shaakallii irraatti garaa garummaan haa jiraatu malee akka falaasamaatti goonkumaa gaaffii keessa hin galle, naamusni jireenyaa Islaamaa qabiyyee seera Islaamaa irraa kan diriireedha.

BOQONNAA AFUR

HARIIROO FALAASAMA ILAALCHA WORRA DHIHAA FI NAAMUSA JIREENYA ISLAAMAA.

Falaasamni gaafilee barbaachisoo sadiin wol-qabata. Isaanis: 1) Maaltu bu'uura? 2) Maaltu dhugaadha? 3) Maaltu gaariidha? Kan duraa qorannoo dhugaa jireenya (**argamaa**) woliin wol-qabata. Kan lammaffaa bu'uura beekumsa ilma namaa woliin wol-qabata. Akkamitti waa beekuu dandeenya? Nuti akkamitti wonti tokko dhugaa ta'uu ykn ta'uu dhabuu addaan beekna? Haalli fi daangaan beekumsa akkami? Kan Sadaffaa qorannoo waa'ee wontoota gati-qabeessaati, sun immoo naamusaa fi bareeda uumamaati. Boqonnaan kun hariiroo wontootni sadan armaan olii (**qorannoo beekumsaa, dhugaa fi bu'uura jireenya**) ilaalcha woliin gala worra dhihaa fi naamusa fayyaa Islaamaa woliin qabu dubbata.

Argamiinsa qorannoo jireenyaa. (Relevance of ontology).

Falaasamni worra dhihaa dhugaan jiru, kanuma addunyaa kan qofa jedhanii daangessu, wontoonni addunyaa tanaa tun bakka dhugaan qofti itti mul'atu jedhu. Addunyaan of dandeettuudha; kan hin dhumannee fi akka seera ofiitti kan ofiin of tursiisu jedhu. Ilaalchi jireenyaa fi amantii gargar baasuu (**secularism**) kun amantii addunyaa hammayyaa fi hammayya duraa (worra dhihaa) yaad-rimee jireenyaa irraas kabajaa fuudhanii jiru. Baayolojiin akkuma saayinsii biroo wontoota

ilaalcha falaasama irraa fudhate. Qajeelfama wontoota bu'uura addunyaa ta'uun akka ilaalcha amala keemikaala fi (**qaamaa**) fiizikaalaatti kan qoratamu.

Qorannoon waa'ee jireenyaa kan Islaamaa, kan falaasama worra dhihaatiin adda. Uumama woli galaa kana hunda keessa Rabbii tokkichi qofti jiraachuu mirkaneessu. Qorannoon Islaamaa kan waa'ee argamiinsaa agarsiisu guutumaa guututti aangoo fi haqa kan qabu wontoota uumama kana keessa jiraniin wol- bira yoo qabne Rabbi qofa jedhu. Kan guutumaa guututti gabbaramu qabu Rabbi qofa jedhu. Qorannoon Islaamaa waa'ee uumamiinsa wonti mirkaneessu, uumama kana keessa wontoota muuxannoo keenyaan alaatu jira jedha. Nuti kan nu beeknu (**muuxannoo qabnu**) kutaa san keessaa xinnaadha. Kutaan hafe kan nuti muuxannoo hin qabne, kan garuu jireenya ilma namaatiif barbaachisu, ergamaa Rabbiitti bu'eera ykn ibsameera. Akkasumas karaa duraan ilmi namaa beekutti hiikameera. Ilmi namaa kun qaama fi lubbuu isaaf kenname of keessaa qaba. Kanaafuu wontoota lamaan qaama fi hafuura of keessaa qaba jechuudha.

Akka falaasamoota worra Muslimaatti, fayyaa keessatti ilmi namaa qoratamuu kan qabu lubbuu qabeeyyiitti fudhatameeti malee akka meeshaa miti. Ilma namaa jechuun maal jechuudha? Kutaa wontootaa miti; kutaa maashinaa miti, kutaa worshaa keemikaala ykn anniisaa fiizikaalaa miti; yookiin immoo fedhii fi miira wol-xaxaa, karaa ittiin yaadani fi hojjetan. Ilmi namaa kanniin hunda fi kanaa oli. Wontoota

kana hunda of keessatti qabata, garuu hunda isaanii ni caala. Ilmi namaa wol-xaxaa fi waan dhokataa of keessaa qaba. Kunis lubbuu qabeeyyii, wontoota fi dandeettii waa hubachuu, dhugumatti waan sammuun namaa yaadduu ol of keessaa qaba.

Dabalataan immoo, ilaalchi Islaamaa kan fagoo (**metaphysics, unseen**), uumamni kun kaayyoo ifa galaa qabu jedha. Ilmi namaa seeraan xiinxaluudhaan Addunyaan kaayyoo guddaa akka qabdu, dhugaa jiru hubachuu ni danda'a. Naamusa (**amala**) Islaamaa keessatti wonti faaydaa qabu dhugaa irratti kan bu'uuredha. Adeemsi fi sochiin addunyaa kamiyyuu dhugaa jiru akka hubannu nama akeeka.

Hariiroo Beekumsaa

Ilaalchi beekumsaa (**Relevance of Epistamology**) waa'ee beekumsa fi uumamaa, daangaa fi faayda-qabeessummaa beekumsaa qorata. Gaafii kanneen akka "**dhugaan jiraa?**" "**Ani maal beekuu danda'a?**" "Ani akkamitti waa beekuu danda'a?" kan jedhu Ilaallata. Haa ta'u malee guddina jijjiirama saayinsii fi dagaagina yaada wontootaa wajjiini fi qayyabannaa addunyaa ilma namaa bu'uura godhachuun miirri Amantii kan hubannaa beekumsa yeroo hammayyaa fi hammayya duraas badee jira. Yeroo ammaa kana sababa fi sammuun waa hubachuunis muuxannoo waa beekuu irratti hundaa'uun ga'ee amantii didaniiru. Karaa biraatiin amantii fi wonti Rabbi irraa dhufe akka hundee beekumsaatti fudhatamuu didameera.

Islaamummaa keessatti qorannoon waa'ee beekumsaa, beekumsi dhugaa Rabbiif qofa taha jedha. Uumamni addunyaa mul'attuu tuni akkami? Hariiroon

isii beekumsa hin mul'anneen (geeybii) akkami? Sila sammun ilma namaa wonta hin mul'anne irratti beekumsa guutuu qabaachuu danda'aa? Akka abdi qorannoo beekumsaa kan Islaamaatti Rabbiin ilma namaatiif qaama waa ittiin hubatu kan Onnee (**Qalbii**) jedhamu kenneefi. Iddoo waa hubatuu (**Aqli**) kan taate, kanaan ala karaa waa ittiin hubannu **saditu** jira.

1) Miira waa fudhatu, inni immo kan of keessaa qabu; argaa, dhageetti, fuunfachuu fi kkf. kunniin immoo miira armaan gadiitiin hubatama: isaanis; ija gurra fi miirawwan birooti.

2) sammun waa fudhatu (**hubatuu**) kun ammoo kan argamuun, hubachuu, sababaan sirriitti xiinxalluu fi kkf. karaa sammuutiin fudhatama.

3) hafuuraan waa beekuu, kun immoo, waa hubachuun, kakaasa keessa namatiin fi uumamumaan waa hubachuu karaa onneetiin fudhatama. Kanaafuu qorannoon beekumsa Islaamaa akka warra dhihaa qorannoo fi muuxannoo qofa irratti kan hundaa'ee miti. Aakkasumas sammuu irratti irkachuun sababa qafa kan fayyadamuu miti.

Wanta Gati Qabeessaa Qorachuu.

Qorannoon wanta gati qabeessa (Axiology) kun saayinsii uumamaa bareedaa fi naamusa ilma namaa qoratuudha. Naamusni gaafii maaltu gaari fi badaadha jedhu woliin wol-qabata. Ilaalcha naamusa jireenya worra dhihaa keessatti, wonti

gati qabeessi akka fedhii ilma namaa qofatti fudhatama; dhuunfaas ta'ee akka woliig galaatti. Jireenyi as gubbaa kun isaaniif garaagarummaa hin qabu. Garaagarummaan namaa fi kaayyoo akka isaan bira jiru agarsiisa. Naamusni jireenyaa kan worra dhihaa wonta bu'a qabeessa akka gocha ilma namaatti fudhatu. Kan muuxannoo fi qorannoo ilma namaatti dhiyaatu. Dabalataan immoo wonti bu'a- qabeessi akka Rabbi irraa dhufe hin amanan. karaa beekumsa namaatiin ala ta'e hin fudhatan.

Faallaa kanaa immoo, naamusni Islaamaa, bu'uura wonta bu'a qabeessa, wontoota badaa fi gaarii kan ibsu akkaataa Qur'aana, aadaa ergamaa Rabbii fi kan ilmi nama sababa qabatamaan argate irratti hundaa'ee. Qajeelfamni kun kan irraa dhufe qajeelummaan ergaa Rabbi irraa dhufeeti. Seerri bu'a-qabeessi ilmi namaa itti fayyadamu, akka qajeelfama Islaamaatti akka armaan gadiitti qoodama.

a) kan namaaf hayyamamu (**mubah**) - gochi kamiyyuu akka dirqamaatti kan hin ibsamin, kan sirritti itti nama hin kakaasin, kan hin jibbamin ykn hin dhoowwamin akka hayyamamaatti fudhatama.

b) Jaalatamaa (**mustahabba**) - wonta irratti nama kakaafame (**ajajame**), garuu kan dirqama hin taane.

C) Dirqama (**fardi**) .

d) Jibbamaa -wonta itti hin kakaafamnne garuu immoo dhoowwamaa kan hin taane

e) Dhoowaa (**haraama**)-gocha goonkumaa hin hayyamamne, Musliimaaf dhoowwaa kan ta'e.

BOQONNAA SHAN

Karaa Nam-Tolcheen Ulfaayuu, Ilaalcha Worra Dhihaa Fi Naamusa Jireenya Islaamaa: Wol-Madaalsisanii Xiinxallaa Kennuu.

Nam-tolcheen ulfeessuu; jechuun tooftaa sanyiin kormaa osoo wol-qunnamtii saalaatiin sanyiin kormaa qaama saalaa dubartii keessatti hin bu'in. Sirna wol- hormaataa dubartii keessa karaa meeshaatiin kaayamu, ¹⁶-karaa nam-tolcheetiin ulfaayuu ilaalchisee qabxii Ijoo saditu jiru. Isaanis:

(a) nam-tolcheen ulfaayuu jechuun tooftaa sanyiin dhiiraa wal qunnamtii saalaatiin alatti qaama wol-hormaata dubartii keessa karaa meeshaatiin (**mechanical**) kaayamu.

(b) Dhiirri qaama saala dubartiitti (**vagina**) gadi hin dhangalaasu.

(c) Sanyiin kormaa (**sperm**) qaama wol-hormaata dubartii keessa meeshaan kaayamu qaba.

Akkaataa hundeen sanyii kormaa adeemsa keessatti itti fayyadu irratti hundaa'ee, nam - tolcheen ulfeessuun gosa Lamatu jira. isaanis; Nam-tolcheen ulfeessuu wol - fakkaataan (**AIH**) fi nam - tolcheen ulfeessuu gara garaati (**Kan nam kennuu**). Nam - tolcheen ulfaayuu gosa tokko keessatti, sanyiin kormaa hiriyaa dhiiraa irraa wolitti qabama. Maqaan adeemsa kanaa kun akkanatti gabaajeen kaayama "AIH". H

(**husband**) abbaa worraa jechuu agarsiisa. Haa ta'u malee hiriyaa dhiiraa kun abbaa worra kan sirrii ta'uu dhabuu mala. Adeemsa kana keessatti wolitti dhufeenyi gaa'ela seera qabeessaa waan dirqamaan barbaachisaa miti. Hiriyaan kuni hujjiidhaan akka abbaa worraa ta'uu qofatu barbaachisa.¹⁷ Nam-tolcheen ulfaayuun gara garaa immoo sanyii kormaa nama biraa kan abbaa warraa hin taane iraa fudhachuudha (**Donor**). Kun immoo kan itti fayyadamu yoo rakkoon maseenummaa yaalamuu (**gara fayyaatti deebi'uu**) dide. Nam-tolcheen ulfaayuun nama biraa irraa fudhatan kun yoo dhiirri sanyii kormaa oomishu dadhabe ykn xiqqoo yoo oomishe.

Seera Islaamaa keessatti, karaa nam-tolcheen ulfaayuun, haala armaan gadii jalatti fudhatama qaba. isaanis;

(a) worri wol-fuudhan lamaan karaa seeraatiin kan wol-fuudhan ta'uu qaba.

(b) erga wol-hiikanii booda hin fayyadu. Mareen (**council**) Awroppaa kan seera bulmaataa (**Fatwaa**) fi Qorannoo wonti jedhe; - “**haadha worraatiif sanyii abbaa worraa wol-hormaataaf fayyadamuun ni hayyamama, yoo isheen hiikamte (xalaaqamte)** ykn abbaan worraa du'e malee.”¹⁸ Ilaalchi nam-tolcheen ulfaayuu jedhu kan raawwatamuu qabu worroota gaa'ela seeraa qaban qofa kan jedhu, kan inni irratti hundaa'e Islaamaa keessatti wol-qunnamtiin saalaa kan raawwatu worroota wol-fuudhan jiddutti qofa yaada jedhu irratti. Haa ta'u malee wonti sirriitti mirkaneeffatu barbaachisu, sanyiin gadaamessa dubartii keessatti naqame (**woraanname**) kun kan jaarsa ishee ta'uu isaati. Hanqaaquu nama kennee

(**donor**) ykn sanyii kormaa nama kennee (**Donor sperm**) fayyadamuun Islaamaa keessatti dhoowwamaa dha; kunis sanyii waan balleessuuf: kun immoo amantii keessatti sirriitti eeggama. Gochi akkanaa kun wol-qunnamtii seeraan alaa (**zinaatti**) fakkaata.

Akka ilaalcha wolii galaa worra dhihaatti, dhimmi naamusa hedduun kan isaan nam-tolcheen ulfeessuu irratti qaban waa'ee nama irraa (**donor**) fudhachuuti malee kan abbaa worraa irraa fuudhanii ulfeessanii miti. Osoo erga jaarsi du'eellee kuusanii itti fayyadamanii worri Awroppaa hin dhoowwu. Kan isaan dubbii mooraalii irratti dubbatan kan nam-tolcheen ulfaayuu nama irraa fudhatame kanaaat. Kanaafuu, dhimma gargaarsaati (**donor**). Hedduun Hayyootaa fedhii harkaan of irraa baasuu (masturbation) dhoowwamaa (haraama) akka ta'e lab-su. Garuu akkaataa nam-tolcheen ulfaayuu keessatti harkaan of irraa baasuun ni hayyamama, garuu yoo yaadni isaa sanyii kana wolitte qabee ulfaaf faayyadamuuf ta'e qofa, worra gaa'ela seeraa qaban lamaan jiddutti ni eeyyamama.

Falaasama worra dhihaa keessatti, murtiin karaa naamusaatiin nam-tolcheen ulfaayuu kenna sanyii nama birootiin fayyadamuu irratti dachaa lama. Akka madaallii naamusaatti waan gaarii fi badaas ni qaba. Nam-tolcheen ulfaayuuun kun daa'ima guddachuu irra faaydaa xiin-sammuu namaa kennuu akka danda'u yaadni falmii dhiyaateera. Sababni isaa Jaarsaa fi jaartiinnis adeemsa ulfaa keessatti ni hirmaatu. Gaafa ulfi jalqabe irraa kaasee, muuxannoo daa'ima dayuu fi

jireenya daa'imummaa kan duraa kan daa'ima woliin qooddaatuu. Akka ilaalcha Islaamaa wonti jedhamu, nam-tolcheen ulfeessuun sanyii nama biroo irraa fudhatameen akka seeraatti yakka murtii qabu ta'uu baatus, akka hamilleetti (moral) dhoowwamaa fi sirrii miti.

Ilaalcha woli gala naamusa jireenyaa worra dhihaa keessatti, adeemsa sanyii nama birootiin ulfaayuu keessatti naamusni sanyii nama irraa fudhatu qofatu isa yaachisa, filannoo maatiitiif deebii kennuuf ogeeyyii fayyaa fi manni yaalaas, sanyii bareedaa kan nama biroo irraa fuudhame haadha keessa kaayuun ilmoo gaarii uumuuf ni tattaafatu. Hanqinni adeemsa kanaa sanyii filachuu fi akka horteen kun kan biroo caalu gochuu waan ta'ee fi rakkoo kanaa fi rakkoowwan naamusaa biroo bira dabruuf yeroo tokko tokko sanyii nama irraa fudhatanii nam - tolcheen ulfaayuu irra guddifachaa fayyadamuun furmaata maseenummaatiif gaariidha jedhu.

Ammas, waa'ee dubartii hin heerumin, xindoota wol-fakkaatan kan hin heerumin ykn immoo kan saala wol-fakkaataan lamaan isaan armaan olii kunniin nam-tolcheen ulfaayuu sanyii nama biroo kanaatti fayyadamuu qabu moo fayyadamuu hin qaban kan jedhu gaafiin ka'ee jira. Worrootni ilaalcha naamusa jireenya dhihaa kun dubartii hin heerumin irratti dhimma naamusaa woyiituu isaan hin yaachisu, yoo sanyii nama birootiin ulfaayuuf nam-tolchee kanatti fayyadamte rakkoo hin qabu jedhu. Worroota saalaan wol fakkaatan fkn dhiiraaf dhiira, dubraaf dubra, ykn immoo namoota wol hin

fuudhin kophaa jiraatu karaa nam-tolcheen ulfaayuun hayyamamuufii hin qabu. Isaan akkanaa kun gadaamessaan alattis ulfa argachuuf, guddifachuuf fi nam-tolcheetti fayyadamuun dhoowwuun jireenyaa keessatti waan baay'ee barbaachisaa dha.

Worrootni saalaan wol-fakkaatanii fi kan kophaa jiran maatii gadhee dha jedhee wonti nama yaachisu hin jiru. Garuu naamusni Islaamaa mirga worra saalaan wolfakkan kan wol fuudhan (**homosexual**) ilaslchisee yaada faallaa qaba akkataa itti fayyadama qarqaarsa wol-hormaataa kanarratti. Erga abbaan worraa du'ee sanyii isaatiin ulfaayuun dhimma naamusa wol-xaxaa fi dhimma hawaasaa hedduu kaaseera. Murtiin dubartii sanyii abbaa worraa kan du'eetti fayyadamuu, yoo durumaanuu fedhiidhaan qorrisiifamee (**frozen**) osoo inni hin du'in ykn immoo erga inni du'ee deebisanii itti fayyadamu kun waa'ee fayyaa daa'ima dhalatuu itti yaaduu qaban. Mootummaan gara garaa seera gara garaa qaba. Kanaafuu ilaalcha falaasama worra dhihaa keessatti, waa'ee erga abbaan worraa du'ee booda sanyii isaa kuusanii itti fayyadamu irratti yaada gara garaatu jira.

Faallaa kanaa immoo naamusni Islaamaa waa'ee kanaa ifatti morme, sanyii abbaa worraa kan du'eetti fayyadamuun dhoowwaa ta'uu ibsa. Akka bu'uura naamusa Islaamaatti, namoota lamaan woliin jiraatan jidduu gaa'elli akka waadaa seeraatti laallama. Yoo wol-hiikan (**xalaaqan**) fi du'aan booda hin fayyadu. Kanaafuu, abbaa worraa erga du'ee booda sanyii isaa kuusanii ijoollee argachuuf itti fayyadamuun, osooyyuu

abbaan worraa hayyama kennee akka nama waadaa seera gaa'ela diigeetti laallama; akka seeraatti fi mooraaliittillee gatii hin hin qabu.

BOQONNAA JAHA

Hanqaaquun Qaamaan Alatti Wol-Qunnamsiisuu: Ilaalcha Amantiin Alaa Worra Dhihaa Fi Ilaalcha Naamusa Jireenya Islaamaa.

In vitro jechuun Afaan Laatinii irraa dhufe yommuu ta'u hiikni isaa **ujumoo keessa** jechuudha. Qorannoo sirna guddina sanyii keessatti, inni ujumoo keessatti guddatu kun kan gadaamessa keessatti guddatuun faallaadha jechuudha. Akka beekaamaatti ulfaayuun (**wol qunnamtiin** sanyiin lamaanii) kan itti raawwatu gadaamessa keessatti. Qajeelaan ibsuuf immoo ujumoo foolopiyaan (**fallopian tube**) jedhamu keessatti. Kanaafuu Ivf jechuun hiikkaan isaa wol-qunnamtii (ulfaayuu) qaama dubartiitiin alatti ujumoo yaalii keessatti nam-tolcheen kan raawwatamuu dha. Sababni jalqabaa isa **Ivf** kan yaaluun barbaachsieef, ujumoo gadaamessa keessaa kan fayyaa hin qabne, miidhame ykn cufame kan ulfa nagahaa uumuu hin dandeenye bakka buusuufi. Yoo **ujummoon foolopiyaan** kana gadaamessa dubartii keessaa cufame, Killeen gara gadaamessaa hin deemtu. Dhugumatti Ivf (qaama **dubartiin alatti sanyii wol-qummsiisuun**) wonti nama kakaasuuf ujumoo hojjatu kana bakka buusuun, sanyii kormaa fi killee ujumoo keessatti wol-qunnamsiisuun, achii immoo imbriyoo san gara gadaamessaa geessuudha.

Maseenummaan dhiiraas Ivf keessatti sababa ta'uu danda'a. Fkn sanyii kormaa (**sperm**) lakkofsa isaa, sochii ykn immoo caasaan sanyii kanaa fayyaa ta'uu isaa laallamuu qaba.

**Naamusa wol-qunnamtii sanyii qaamaan ala (IVF):
Ilaalcha Naamusa jireenyas Islaamaa.**

Kaayyoon seera Islaamaa (Maqaasid **al-shari'aa**), Ilaalcha seera Islaamaa akka hubannu nu godha. Barbaachisummaa sanyii namaa eeguu keessatti, (**Hifz al- Nasl**), Naamusni jireenyas Islaamaa ilaalcha gaarii IVF irratti qaba. Kun immoo Kan ta'uu qabu worroota seeraan wol-fuudhan lamaaniifi. Akka marii dhaabbata Islaamaaf (**OIC**) fala barbaaduutti: karaan (**Tooftaan**) armaan gadii haala barbaachisaa ta'etti ni hayyamama. Garuu of-eeggannoon hundi fi wontootni barbaachisaa ta'an guutamuu qabu.

1) Sanyiin lameenuu kan Jaarsaa fi jaartii ta'uu qaba; erga ujumoo keessatti wol- qunnamsiisani immo gadaamessaa haadha sanyii san keesa kaayamu qaba.

2) Sanyii alaan gadaamessa dubartii keessa kaayuun immoo, sanyiin kormaa abbaa worraa fuudhanii gadaamessaa keessa iddoo sirrii ta'etti marfeen keessatti buusuu dha.²¹

Sanyii qorrisiisani (**frozen**), kuusuun ykn killee sanyii kormaatiin wolitti makamte kaayuun rakkoo hin qabu, garuu

a) tarkaanfiin of eeggannoo qabu fudhatamuu qaba sanyii nama birootiin wolitti hin makamne.

b) sanyiin kormaa kun kan ulfeessuu danda'u jaartii ofii qofa (**fedhii isaan lameeniitiin**).

Adeemsa hundee hormaata namaa eeguu keessatti (**Hifz al-Nasab**) sanyiin nama biroo (**onor**) fayyadamuun wol-hormaataa qaamaan alaa keessatti, guutumaan guututti Islaamummaa keessatti dhoowwamaa dha. Ulfi kan uumamuu qabu yoo jaarsaa fi jaartiin wolitti makaman qofa.

Dabalataan wol-hormaanni qaamaan ala haala armaan gadii hordofuu qaba .

1) Adeemsi yaalaa kun jaarsaa fi jaartii qofa ta'uu qaba, sunuu yeroo wol- fuudhanii woliin jiraatan qofa.

2) Sanyii dhiiraa fi hanqaaquu dhalaa wolitti makuun erga abbaan worraa du'ee ykn wol-hiikani (xalaaqanii) hin ta'u.

3) Sanyii kormaa fi hanqaaquu wolitti makuun kan danda'amu hanga gaa'elaan woliin jiran qofa .

4) Sanyiin nama alagaa irraa kenname (**donor**) kamiyyuu hin ta'u.

5) Dubartiin hiikamte sanyii duraan wolitti makame (ebmbryo) abbaa worraa ishee kan duraanii fayyadamuu hin dandeessu.

6) Gursummeettiin (**kan jaarsi irraa du'e**) sanyii jaarsa ishee erga inni irraa du'ee fudhachuun hin hayyamamu.

7) Dubartiin sanyii qorrisiifame kan jaarsa ishee fayyadamuu kan dandeessu yoo lamaanuu jiraatan qofa.

8) Sanyii qorrisiifamee gaa'ela dura fayyadamuun dhoowwaa dha.

Jireenya eeguu ilaalchisee (**Hifz al-Nafs**)- wonti jireenya balleessu fi rakkinna fidu kamiyyuu naamusa Islaamaa keessatti dhoorgamaadha. Qorannoof jecha sanyii lamaan wolitti makuun (**embryo**) dhoorgamuu qaba. Kaayyoo qorannootiif jecha imbriyoo (maka sanyii lamaanii) uumuun qofti walii galtee yaada keenya guutuu hin danda'u. Haa ta'u malee, naamusni Islaamaa hanqaaquu baay'inaan oomishamte balleessuun rakkoo hin qabu jedha. Kun ulfa baasuu miti, sababni isaa ulfa baasuun kan raawwatamu yoo hanqaaquun

sanyii kormaan wol- qunnamte gadaamessaa keessa iddoo qabatte booda. Lammaffaan ulfa baasuun kan raawwatamu qaama dubartiitii keessatti malee ujumoo yaalii keessatti miti. Dhaabbanni marii fala barbaadduu Islaamaa (**OICR**) wonti jedhe, yoo hanqaaquun dabalataan oomishamte jiraatte, oso ogummaa fayyaatiin hin kunuunsin hanga lubbuun isii uumamaan dabartutti dhiisuudha. (**Ofiin duututti**). Dabalataan Imbiriyyoon (**makaan sanyii lamaanii**) kaayyoo qorannootiif fayyaduu dandeessi; sababni isaa qorannoon sanyiiwwan baay'inaan irra dabranii omishaman (**surplus fertilized embryos**) fayyadamuun ilma namaa fayyaduu ni danda'a. Akka qajeelfama yaalii (ijtihaad) fedhii ummataa eeguu irratti hundaa'ee fayyadamuun ni danda'ama.

Sammuu (**mind**) eeguu ilaalchisee (**Hifz a-Aql**), qaamaan alatti ulfeessuun (**IVF**) kun fedhii sammuu namaa barbaaddu kan guutuu ta'uu qaba. Yoo hormaanni qaamaan alaa (**IVF**) kun fedhii sammuu kan kennu ta'e maaliif qindoonni lamaan isa hin yaalle?

Qabeenya eeguu ilaalchisee (**Hifz al-Māl**), qindiiwwan yaala qaamaan alaa ulfaayuu kana barbaadan kun Qabeenya isaanii kuusachuu barbaachisa. Kunis akka gara fuulduraatti rakkoon isaan hin mudanneefi.

Amantii eeguu ilaalchisee (**Hifz al-Din**) salphamatti, adeemsa akkasii keessatti wol-dhabbiin hin jiru.

Naamusa wol- hormaataa qaamaan alaa: Ilaalcha Naamusa jireenya Islaamaa

Ilaalcha kana keessatti wol-faallessan muraasatu jira. Ilaalchi worra dhihaa fi Islaamaa wol hormaata qaamaan alaa kanarratti wol-dhabu. Fakkeenyaaf , ilaalcha naamusa jireenyaa worra dhihaa keessatti sanyii kormaa fi hanqaaquu dhalaa nama biroo irraa fuudhame kana akka seeraatti ni fayyada moo hin fayyadu waan jedhu kaasuu, garuu ilaalchi naamusa jireenya Islaamaa kan dura yaadan waa'ee rakkoo sanyii (**lineage**). Ilaalchi wolii galaa naamusa jireenya, dubartootaa lamaan wol-fuudhanii waliin jiraataniif akka qarqaarsa wol hormaata fayyaatti fayyadamuu mirga qaban jedha. Naamusni jireenyaa Islaamaa garuu kan hin fudhatu .Akkasumas dubartii hin heerumin (**Kophaa jirtu**) kan qarqaarsa wol hormaata fayyaa fayyadamu hin hayyamu. Akka armaan olitti ibsametti Islaamni sanyii kormaa ykn hanqaaquu erga wol-hiikanii booda fayyadamuu ni dhoorka. Worri dhihaa (**Awroppaan**) garuu hin dhowwu. Ilaalchi naamusa jireenya worra dhihaa worroota seeraan wol- fuudhaniis, sanyii kormaa ykn hanqaaquu fayyadamuun erga isaan lamaan keessa tokko du'e hin hayyamama moo hin hayyamamu irratti falmisiisaa ta'e. Islaamni garuu kana ni dhoorga. Naamusni jireenyaa Islaamaa sanyii kormaa nama irra fudhatame (**donor sperm**) fi hanqaaquu nama irraa fudhatame (**donor egg**) fayyadamuu ni dhoorka; sababni isaa faaydaa fi nagaha hawaasa fi hariiroo ilma namaa guddisuufi. Qorannoon sanyii wol-hormaataa (**embryonic stem research**) worra dhihaatiif yaada falmisiisaa

dha. Naamusa jireenyaa Islaamaa keessatti garuu ni hayyamama yoo sanyiin dabalataa (**Spare embryos**) jiraate.

Naamusni jireenyaa Islaamaa kan itti Xiyyeeffatu wonta yeroo ammaa fi yeroo dheeraaf gaarii ta'u. Worri dhihaa garuu waanuma amma ifa galaatti gaarii ta'u qofa jabeessu. Akka ilaalcha Islaamaatti nam-tolcheen ulfaayuun sanyii nama irra fudhatameen, akka waan gaariitti kan fudhanne yaada dhiphoo laalle miti jedha. Akkaataa uumamaa jireenyaa fi wonta inni of keessaa qabu qoranneefi malee. Ilaalchi naamusa jireenya Islaamaa waa'ee wol-hormaata qaamaan alaa bu'a qabeessa fi kan xiyyeeffannoo qabu, jireenya ilma namaatiif gatii guddaa kennu, nagaha jireenyaa maatii wol-fuudhanii eeguufi. Kun kan agarsiisu wonti gaariin yeroo dheeraaf turu waan yeroo gabaabaaf nama gammachiisu caalaa gatii qabaachuudha. Nagahaa fi gadi dhaabbannaa hawaasaa fi miseensa isaatiifi booddeen isaa kan rakkina fidu ta'uu hin qabu.

BOQONNAA TORBA

Fedhiin namaa ulfaayuu bakka namaa bu'uu (Surrogacy): Ilaalcha worra dhihaa fi ilaalchota Naamusa jireenya Islaamaa.

Jechi “Surrogate” jedhu jecha Afaan Laatinii irra “**surrogates**” jedhu irraa fudhame hiikkaan isaa kan kallattii “bakka **buusuu**”. Aakka wol-hormaataatti immoo salphamatti dubartiin ulfa dubartii biraatiif baachuu (ulfaayuu) agarsiisa. Yaad-rimeen namaaf ulfaayuu jedhu waan lama irraa umame. Innis; Nam- tolcheen ulfeessuu (AI) fi Qaamaan alatti hanqaaquu fi sanyii kormaa wolitti makuu (**IVF**). Tartiiiba namaa ulfaayuu keessatti, Dubartiin daa'ima gadaamessa ishee keessatti yeroo ulfaa guutuu baatee yoo deesse daa'ima nama biraatti kenniti; yeroo san irraa kaastee itti gaafatamummaa kamiyyuu irraa bilisa. Daa'ima ykn worra san irraa bilisa. Namaa ulfaayuun gosa lama; isaanis kan sanyii (**genetic**) fi yeroo ulfaa qofa namaa ulfaayuu.(**gestational surrogacy**). Sanyiin ulfaayuu keessatti, hanqaaquun dubartii namaa ulfooftuu tun karaa nam - tolcheen sanyii kormaa nama kennee (**Donor**) ykn abbaa daa'ima kanaan wolitti makama. Faallaa kanaa kan yeroo ulfaa namaa ulfaayuu immoo, Killeen dubartii sanyii kormaa wajjiin ujumoo yaalii keessatti erga wolitti makamee booda gadaamessa dubartii biroo kan gadaamessi ishee ulfa baachuuf hanga da'umsaatti qophoofta keessa kaayama.

Naamusni jireenyaa Islaamaa gocha kana hin jaalatuu. Sababni isaa namaa ulfaayuun wontoota alaa (sanyii nama arjoomee) akka fayyadaman (gadaamessa keessatti akka baatte) ifa galaadha. Yoo dhimma sanyiin namaa ulfaayuu laalle baay'ee rakkisaa fi yaadessaa dha. Sababni isaa, dubartiin asitti daa'ima garaatti baachuu qofa osoo hin taane, killee ishees kennaa jirti. Kaayyoon bu'uuraa kan seera Islaamaa sanyii eeguu dha, (**Hifz al- Nasl**). Namaa ulfaayuun kun haadha lamaan jiddutti wol-dhabbii fida. Haati dhugaa Tami, tan killee kennite moo tan ulfa baattee. Akkamitti dubartiin nama biraatiif ulfooftu akka haadha dhugaatti fudhatamti, yoo gadaamessa ishee koontraata kennites, abbaa daa'imaatiin hidhannaa seeraa (**gaa'ela**) hin qabdu? Haaluma wol -fakkaatuun akkamitti tan killee kennite guutumaan guututti daa'imni kiyya jettee himatuu dandeessi? Isheen yoo akka Qur'aana keessatti ibsamutti daa'ima garatti hin baannee? “ haati isaanii warra isaan dhalan qofa.” (58:2).

Akka woliigalaatti adeemsi worra dhihaa fi Islaamaa nagaya daa'ima fi haadhaa fi gaarummaa hawaasaa akka kaayyoo duratti laaluu qaba. Haa ta'u malee garaa garummaa ifa galaatu jira. Naamusni Islaamaa dura kan ibsu faaydaa qabatama Kan gadaamessa dubartiiti, achii immoo hamilee gadaamessaa koontraata kennuun qabu gubbamarra yoo laalle qabu ibsa. Naamusni Islaamaa namaaf ulfaayuu akka faallaatti laala, sababni isaa sanyii namaa qulqullinaan eeguu waan dadhabdeefi. Carraa namaatti fayyadamuufis banaadha, san irraan immoo yakka hawaasa miidhu fiduu danda'a. Ilaalchi

falaasama worra kan qeequ immoo namaaf ulfaayuu irratti adeemsa (**procedure**) rakkoo ulfatti fidu qofa, malee wolitti hidhama Maatii gaariitiif hin yaadu. Fuulduratti dhiibbaa hawaasaa fiduu danda'a. Worri lamman wol hiikuu malu, yoo haalli akkasii argame haati guddifte daa'ima keessaa sanyii waan hin qabneef, daa'imni karaa abbaatiin malee hariiroo dhiigaa hin qabu.

Dabalataan immoo, namoonni tokko haadha nama biraatiif ulfoofte akka haadha daldaltuutti ykn koontiraata daa'ima ilaalu, sababni isaa wol - hormaanni dhimma daldalaa ta'eera. Daa'ima irratti rakkoo xinsammuutu dhufa. Inni /isheen tarii akka haadha biraatiin ulfaayee dhalate beekuuf qophii miti. Naamusni jireenya Islaamaa fedhii ijoollee eeguu qofa osoo hin taane, Islaamni dabalataan kan eegu ulfinaa fi kabajaa gadaamessa dubartii fa'a.

Akka tooftaa falaasama worra dhihaatti, namaaf ulfaayuu ilaalchisee yaanni dhaabbataa fi wol-fakkaataan hin jiru. Bal'inaan garaa garummaan sababa ilaalcha falaasamaa fi wolitti dhiyeenya ilaalcha haaromsa mooraaliiti wonti ifa galatti mul'atu namaaf ulfaayuun baay'inaan bal'ataa jira. Keessattuu worra dhihaa keessatti. Garuu worri ilaalcha amantii irraa bilisaa warra dhihaa faaydaa qabeessummaa godha kanaa irratti mormii hedduu godhaa jiru. Keessattuu kabajaa sanyii ilma namaatiif, dhiibbaa daa'ima irrattii, dhiibbaa dubartii namaaf ulfoofte irraatti, hawwii dubartiin namaaf ulfoofte qabeenyaaf qabdu fi kaka'umsa xindiin lamaan guddifachuu irra kana kireeffatu kana

filatan. Naamusni jireenyaa Islaamaa, kaayyoo seera Islaamaa shan irratti hundaayee gocha kana ni morma. Dhimmi Ijoon waa'ee sagaagalummaa (**zinaa**), wol-dhaalinsa maatii, firri amaan wol -fuudhuu malu ykn immoo wol qunnamtii saalaa raawwachuu malu fi kkf akka wolii galaatti, miidhaan namaa ulfaayuu bu'aa isaa caala.

BOQONNAA SADDEET

Wol-qunnamtii saalaan ala wol-horuu ilma namaa (Human Cloning): Ilaalcha Amantiin alaa worra dhihaa fi Ilaalcha naamusa jireenya Islaamaa.

Jechi cloning jedhu Giriik irraa dhufe hiikaan isaa damee jechuu dha. Bara 1996 Hoolaan wol-qunnamtii saalaan ala kan wol-fakkaatan **Dooliin** horsiifaman. Fedhiin akka wolii galaatti fi baay'inaan mormuun tasa ol ka' e. wol qunnamtiin ala (Cloning) horsiisuu jechuun, adeemsa namaa ykn horii oomishu sanyiin isa kan worra isaatiin wol-fakkaatu. Tooftaan niyuukilarii somatic seelii dabarsuu (**somatic cell nuclear transfer**) bu'uura wol- qunnamtii malee waa horsiisuuti. Yaadannoo: **Somatic cell** kun seelii qaama namaa ijaaruuf qarqaaru. Niyuukilasii somaatik seelii dabarsuu kana keessatti, seeliin hanqaaquu gargar baafamee niyuukilarii somaatik seeliin haala adda ta'een wolitti maxxanfama. Aachi booda immoo niyuukilasiin somaatikii hirmaattota hanqaaquu saaytoobilasmikiitiin saganteeffama. Kunis hanqaaquu wol-qunnamtii goote (zygote **nucleus**) uumuuf. Wol-hormaanni wol-qunnamtii saalaatiin alaa kan uumamu, yoo niyuukilariin soomaatik seelii darbu kun blaastoosaayistiin baay'ifamee gadaamessa keessatti dhaabateedha. Aasitti immoo imbriyoon (**sanyiin kun**) gara daa'ima (**fetus**) jijjiiramaa.

Tooftaan qarqaarsa wol hormaata fayyaa yeroo ammaa milkaa'ina saffisaa baay'ee hin qabu. Kanaafuu worri wol-fuudhan lamaan ijoollee argachuudhaaf abdiin kutachuudhaan

yaadaan gara wol-qunnamtii saalaan alaa (cloning) deebi'aa jira. Akka fakkeenyaatti wol-qunnamtii saalaan alaatiin wol-horsiisuun kun rakkoo maseenummaa dhiiraa furuu danda'a; kunis yoo sanyiin abbaa worraa kun guddachuu hin dandeenye, tarii immoo seeliin mcuree (**Iddoon jalqabaa kan seeliin irraa guddatu**) wolumaa galatti guddina agarsiisuu dadhaba. Haala kanaan jaartiin kan ulfooftu daa'ima sanyiin qofa kan abbaa ta'e, nama birootti heerumuudhan ulfoofti. Tooftaa wol-qunnamtii saalaan alaa kana fayyadamuudhaan abbaan worraa **DNA** kutaa qaama isaa kamiyyuu irraa fuudhame kenna. Seeliin niyuukilasii Kan **DNA** of-keessaa qabu hanqaaquu jaartii isaatiin wolitti makama. Achiin booda imbriyoon (**makaan sanyii lamaanii**) uumame kun gadaamessa haadha worraa keessa kaayama hanga deessutti (dhaltutti garatti baadhatti). Maseenummaa dhiiraa wol-qunnamtii saalaatiin alaatiin yaaluu keessatti, sanyiin kormaa waan hin barbaachisneef rakkoon baay'een hin jiru. Dabalataan immoo, dhimma kana keessatti abbaan worraa sanyii nama biroo kan hin beeknee (**anonymous donor sperm**) wonti isa barbaachisuuf hin jiru. Dhugumatti daa'imni harka dhibbarraa dbibbatti sanyii (**genetic**) isaati.

Wal-qunnamtiin saalaan alaa kun maseenummaa dubartiifis furmaata ni kenna. Kun gosa lama, rakkoo hanqaaquu ykn gadaamessaa. Haati worraa tarii hanqaaquu gahaa oomishu hin dandeessu ykn immo gadaamessaa hin qabdu. Yookiin immoo gadaamessi kaansarii ykn dhibee biraatiin hubame ykn immoo gadaamessaa ofii fayyadamuu hin barbaaddu fi kkf. Yoo hanqaaquun hin jirre hanqaaquu dubartii

biraa DNA Jaarsa ishee waliin walitti makama. Sanyiin kun immoo hanga da'umsaatti gadaamessaa keessa kaayama. Kanaafuu isiin daa'ima dhaluu ni dandeessi. Dhugumatti daa'imni Kan ishee qofa, hirmaannaa Dhiiraa kamiyyuun alatti.

Wol-hormaanni qunnamtii saalaan alaa kun akka ijoolleen dhibee sababa sanyiitiin dhufu hin godhanne dhoorga. Akkasumas sanyii nama biroo barbaddu hambisa. Waan nama ajaa'ibuu fi adda ta'e yoo gadi fageenyaan laaalle, namtichi siree du'aa irra osoo jiruu sanyiin hormaataa kun irraa fuudhamuu ni danda'a; yoo jaalalleen isaa tun nama du'aa jiru kana kan fakkaatu argachuu barbaadde sanyii kanatti fayyadamuu ni dandeessi. Tarii immoo ijoolleen Hedduun jalaa duute hin qabdu ta'a, sanyiin kun qorrisiifame akka lakkuun uumamu taasifama.

Naamusa jireenyaa Islaamaa fi wol-hormaata wol-qunnamtiin alaa ilma namaa.

Karaan qajeelaan sanyii (**ijoollee**) uumuuf nama qarqaaru sanyii kormaa fi dhalaa of eeggannoon wolitti makuu, worroota gaa'ela seera qabeessaan wol fuudhaniifi: haala kanaan daa'imni sanyii jara lameenuutuu of irraa qaba. Faallaa kanaa wol - hormaanni wol-qunnamtii saalaatiin alaa akka seeliin tokko qofa (**single cell**) uumamu godha. Hedduun Hayyootaa Islaamaa wol hormaata wol-qunnamtii saalaan alaa (**Human Cloning**) akka dhoowwamaatti (haraama) laalu. Kunis Sababa armaan gadiitiif:

a) bu'uura yaad-rimee wol-hormaataa akka seera Islaamaatti kaa'ame diiga, sun immo sanyiin kormaa fi dhalaa wolitti makamuu gaa'ela seeraa qabeessa keessatti.

b) dhiibbaa faallaa fida; keessattu jeequmsa fi qulqullummaa dhabuu hortee, hariiroo maatii, akkaataa ijaarsa hawaasaa fi qajeelfama seera Islaamaa kamiyyuu diiguun sanyii irratti hundaa'eeti.

C) ilmi namaa kan wol-qunnamtii saalaan alaa kanaan horsiifame kun fayyaa ta'uu isaa wabiin hin jiru, akkuma dhalateen ykn immo booda jireenya keessatti dhibee irraa qulqulluu ta'uuun isaa hin beekamu.²³

Wol-hormaataa wol-qunnamtii saalaan alaa ilma namaa (Human Cloning): Ilaalcha amantiin alaa worra dhihaa fi ilaacha naamusa jireenya Islaamaa.

Ilaalchi worra dhihaa gar-gar qoodamee jira, wol-hormaataa wal-qunnamtii saalaan alaa ilma namaa irratti gariin sirriitti qeeqa; kuun immoo ni deeggara. Worroonni qeeqan kan isaan yaadda'an hariiroo wol-xaxaa teknoolajii karaa wol-qunnamtii saalaan alaa kanaan horsiisuu keessa jiruufi. Kan biroo immoo akka amanutti wol hormaanni akkanaa kun hariiroo maatii gaariitii fi tokkummaa (**woliigaltee**) maatiitiif rakkisaadha. Naamusni jireenyaa Islaamaa kana ilaalchisee yaada faallaa qaba. Akka ilaalcha woliigalaa naamusa jireenya worra dhihaatti qorannoon xinsammuu ilma namaa wol-hormaata wol-qunnamtii saalaan alaa hin deeggaru. Ilmi namaa

kamiyyuu uumamaan hundee fi seenaa isaa ishee itti dhimmama, haa ta'u malee gariin akka mormutti wol-hormaanni wol-qunnamtii saalaatiin alaa Kun maalummaa (**uniqueness**) dhuunfaa waan diigeef qeeqamuu hin qabu.

Namoonni tokko tokko immo akka mormutti wol hormaatni akkanaa kun (Human **Cloning**) ilma namaa akka namaatti osoo hin taane akka meeshaatti ilaala. Karaa biraatiin, karaa wol- qunnamtii saalaan alaatiin Nama oomishun gatii (**kabajaa**) ilmi namaa qabu xiqqeessee jira. Sababni isaa dhimma kana keessatti ilmi namaa akka meeshaatti oomishamuu ni danda'a jechuudha. Namoonni biroo ammoo akka jedhutti gati- qabeessumman ilma namaa akkamitti akka oomishamee otoo hin taane haala uumamaa irratti hundaa'a. Naamusni jireenyaa Islaamaa akka laalutti immoo wol-hormaati wo - qunnamtii saalaan alaa kun akkaataa wontoonni qindiin uumaman kan Qur'aana keessatti ibsameen woli hin galu jedhu fakkeenyaaf, (**51:49**).

Qajeelfamni barbaachisaan naamusa jireenya worra dhihaa, “**hin miidhin**” jedha. Wol hormaanni wol-qunnamtii saalaan alaa kun qajeelfama kana ni guuta moo hin guutu kan jedhu qeeqni kun shakkii qaba. Akka woli galaatti ilaalchi woliigalaa naamusa jireenya worra dhihaa kun hanga ammatti teknoolojiin wol-hormaata wol-qunnamtii saalaan alaa kun ni ta'a moo hin ta'uu irratti marii fi qorannoo irra jiru. Akka naamusaatti hayyamamuu isaa ilaalchisee murtii irra hin geenye falmii irra jiru. Karaa biraatiin naamusa jireenya Islaamaa

keessatti adeemsi (**technique**) hayyaamamiinsaa iratti wolmormanis; irra hedduun hayyootaa hanga ammatti murtii faallaa (**negative**) ibsaa jira.

BOQONNAA SAGAL

Ilaalcha Amantiin Alaa Worra Dhihaa Fi Ilaalcha Naamusa Jireenya Islaamaa Qarqaarsa Teknoolojii Wol-Hormaataatiin Wol-Qabatee: Hunda Wol-Madaalsisuu.

Boqonnaan kun ilaalcha worra dhihaa fi Ilaalcha naamusa Islaamaa garaa garummaa bu'uura falaasama isaanii irratti hundaa'ee wol -madaalchisa. Naamusni jireenyaa kan Islaamaa ta'ee kan dhihaas keessattuu waa'ee naamusaa irratti lamaanuu ilaalcha armaan gadii, kan naamusa qajeelfamaa kan furmaata jireenyaa fi dhimma du'aa irratti waliif galu. Garaagarummaan bu'uuraa gidduu isaanii jiru akkaataa bu'uura beekumsaa isaanii, akkasumas sadarkaa waan fagoo (geeybaa) beekuu isaaniiti. Akka naamusni jireenyaa dhihaatti (**Awroppaatti**) dhalatetti naamusa fi aadaa worra dhihaa ibsa. Kana jechuun qajeelfamni kun dhugaa diinagdee hawaasaa kan addunyaa biroo faallessuu danda'a; kanaafuu dirqamaan isaan irra kaayuun hin barbaachisu. Yoo akka hubannoo beekumsaatti laalle ilaalchi woliigalaa naamusa jireenya worra dhihaa mooraaliin of danda'aa (**baratamaan**) kan dhuunfaati jedha. Naamusni jireenyaa Islaamaa immoo kan Rabbiiti jedha.

Gaarummaan (Beneficence) meeshaa aadaa jireenyaa worra dhihaa qofa osoo hin taane kan Islaamaa fa'i. Gaarummaa (wonta gaarii hojjechuu) adeemsa fayyaa keessatti itti fayyadamuun naamusa jireenya Islaamaa keessatti baay'ee ifa galaadha. Ogeeyyiin fayyaa (**Doctors**) dhimma (**haala**) osoo hin ilaalin dhukubsataa haala gaarii irratti arguuf ni jajjabeessu.

Haa ta'u malee garaa garummaa nama ajaa'ibsiisutu worra dhihaa fi Islaamaa gidduu jira. Kunis jecha gaarii (**good**) jedhu hiikuu keessatti. Akka worra “**Utilitarianism**”, “**kabajaan gaariin ummata gaariifi**” jedhu. Naamusni Islaamaa garuu kana ni morme; wonti gaariin hundi ummatuma hundaaf akka woli galatti jedha. Kan akka Nyaata, Bishaaniin, Uffataa, Manaa fi Hiriyyummaa.

Gaafiin baay'ee barbaachisaan naamusa jireenyaa keessatti, eenyutu murteessa? Naamusni jireenya Islaamaa mirga dhuunfaa kabajuu fi ofii isaaniitiin waa murteessuudha. Karaan worri dhihaa kana itti fudhatan (**qayyabatan**) garaa garummaa qaba. Karaan worri Islaamaa mirga itti hubatu dhaabbata miti (**relative**); garuu kan worra dhihaa dhaabbataa (**absolute**). Islaamni wonti jedhu qayyabannaan namaa Rabbii beekuu (uumaa **xiinxalluu**) irratti hundaa'a. Rabbitti Amanuun hubannaa ilma namaatiif bu'uura duraati.

Fakkeenya dabalataa immoo, hawaasni kan jalqabu dhuunfaa woliin osoo hin taane, qindaa'in maatii woliini. Inni kun immoo ilaalcha guddaa woli galtee addunyaatiif bu'uura ta'a. Naamusa Islaamaa keessatti bu'uurri jireenyaa dhuunfaa maatii dha malee, mataa isaa miti. Namni miseensa ijaarsa hawaasaati. Fakkeenyaaf, yoo xindiin lamaan akka maseena ta'an qoratamee mirkanaa'e waan itti aanutti deemuuf Teknoolojii qarqaarsa hormaataatti ni fayyadamna moo hin fayyadamnuu isa jedhu irratti, isaan woliin mari'atuu qabu. Murtiin kun marii woliinii ta'uu qaba. Dhuunfaan kan raawwatamuu miti.

Dabalataan immoo murtiin kun seera Islaamaatiin woli galuu qaba. Sababni isaa namni dhuunfaan kutaa ummata bal'aati. Kan dhuunfaa kan mataa ofii qofa miti.

Qaama fayyaa fuudhanii nama biraatiif dhaabuu (**organ transplantation**) fi qorannoof qaama namaa erga inni duu'ee qaluun gosaan garaa garummaa qaba. Karaa biraatiin sanyii kormaa kuusuun (**erga inni namni du'ee deebisanii fayyadamuu**) irrattis garaagarummaatu jira. Qaama nama du'ee qorannoof qaluuf fi qaama fayya ofirraa fuudhanii nama biraati akka dhhaabatu fedhiin kennuun ummata fayyada. Garuu sanyii dhiiraa kadhachuun erga inni du'ee fedhii namticha du'ee malee fedhii maatii isaatiin qofa fudhachuuni garaa garummaa qaba. Qaama nama du'erraa fuudhanii nama biroo kan lubbuu qabuuf dhaabuun Islaamaa keessatti ni hayyamama. Kun garuu kan ta'uu danda'u osoo isa ykn isheen hin du'in hayyamama yoo argatan qofa. Garuu yaad-rimeen mirgaa yaada dirqama jedhus of keessaa qaba. Sababni isaa bakka mirgi jirutti dirqamnis ni jira. Dirqamni immoo kan jaarsaa, maatii, firaa, ijoollee fi akka woli galaatti kan hawaasaa fi naannooti. Garuu worroonni dhihaa ilma namaatiif mirga woliigalaa kennu, naamusni jireenya Islaamaa wonta hundaa Rabbii aangoo ol'aanaa qabuuf kenna.

Wonti ilaalcha lameen kanneen adda isaan godhu, akka qorannoo falaasamatti sirriin madaalamu dhabuu isaaniiti. Ilaalchi woli galaa naamusa jireenya worra dhihaa yaada qorannoo fi toofataa wol mormii irratti. Naamusni jireenya

Islaamaa garuu wonta Rabbi irraa dhufe (**revelational**) irratti hundaaya. Yeroma wol- fakkaatuun yoo garaa garummaan is jiraate mul'ifamuu qabu. Wonti nuti dubbataa jrru wol-caalmaadha malee, guutummaan guututti garaa garummaa qabaachuu miti. Muslimoonni mataan isaaniituu yaaduu isaan barbaachisa akkasuma akkamitti qur'aana hubatuu fi hiikamuu akka qabu of gaafatuu qaban. Dabalataanis kan akka aadaa gara garaa, qarooma, wol-morkii, wol-dhabbiif fi wol-ta'anii kaan dhiibuu wontootni akkanaa hunduu wol-hubannaadhaan furmaata argatuu qaba.

BOQONNAA KUDHAN YAADA XUMURAA

Naamusa jireenyaa fayyaa keessatti fayyadamuu irratti, rakkoowwan ciccimoo fi dhimmoota amma ka'aa jiran furuuf, naamusni fayyaa akka barbaachisu barannee jirra. Qorannoon naamusa akka jedhutti bu'uurri wonta sirrii fi dogoggoraa gocha keessa namaatti umamaan dhagayamu malee, haala fi taatee adda addaatiin miti. Kanaafuu fudhatamuu sanyii arjoomameen nam-tolcheen ulfaayuu (**AID**) Ilaalchisee Naamusni jireenyaa Islaamaa sanyiin nama arjomee (**donor**) of keessatti qabatuu dhoowwe. Sagaagalummaa (**zinaa**) dhoowwu ykn sanyii eeguu qofa osoo hin taane, qulqullummaa hariiroo saala ilma namaa eeguufi. Hortee maatii uumuu, ijoollee irratti, maatii fi hawaasa bal'aa irratti dhiibbaa faallaa fida. As irratti wonti sirriitti laaluu qabnu, osoo bu'aa ykn miidhaa dhufu hin ilaalin waan sirrii (dhugaa) hojjechuudha.

Warri bu'aa irratti xiyyeeffatu (consequentialism) bu'aa biroo irratti hamilee kaaya, malee mataa wanta sanii irrattii miti. Akka ilaalcha kanaatti, gochi kamiyyuu yoo booddeen isaa faaydaa qabaate akka mooraaliitti sirriidha. Haa ta'u malee Naamusni jireenyaa Islaamaa bu'aa ammaa laaluu osoo hin taane ilaalcha fagoo booddee isaa fi adeemsa isaa ilaala. Sun immoo daa'ima dhalatu. Naamusni jireenyaa Islaamaa ilaalcha fagoo gaarii ta'e jaarsaa fi jaartii filata. Nagaha ta'uun dhuunfaa fi hawaasa bal'aan sirriitti deeggaramuu qaba. Kanaafuu barsiisni Islaamaa naamusa jireenya yaada bu'aa booda dhufan kan jedhu akka ilaalcha bal'aatti ilaala.

Ilaalchi amantiin alaa kan naamusa jireenyaa worra dhihaa akkasuma dhimma armaan gadii kana ni ilaala. Dadhabuu hariiroo maatii, rakkoo xiinsammuu ijoollee, kan maatii fi kan nama sanyii arjoomee fi kkf. Haa ta'u malee naamusni jireenya Islaamaa akka ifa godhetti, hariiroo maatii qulqulluu ta'uu qaba; rakkoon xiinsammuu ijoollee, rakko daddarbuu sanyii (dhaalaa), rakkoo hawaasa keessatti ka'uu danda'u fi rakkoowwan biroollee ni ilaala. Rakkoon kunniin immoo faaydaa daa'ima qabaachuu balleessa (**caala**).

Waa'ee qorannoo sanyii isteem seelii keessatti worri dhihaa fi Islaamni waan yaada isaa irraatti woli gale fakkaata. Waa'ee namaaf ulfaayuu ilaalchisee naamusni jireenyaa Islaamaa ifa galaan dhoowwe. Akka bu'uura ilaalcha keesa fi alattis. Ilaalchi naamusa jireenya worra dhihaa immoo akka woli galaatti ni ta'a jedha (**relative**). Wol-hormaata wol-qunnamtii saalaatiin alaa ilaachisee, ilaalchi worra dhihaa ni ta'aaf hin ta'uus of- keessaa qaba. Ilaalchi worra Islaamaa immoo ni dhoorka. Sababni isaa karaa uumamaa wol-hormaataa miti; karaa Rabbii ni faallessa jedha.

Wolitti dhiyeenya ilaalcha worra dhihaa fi Islaamaa waa'ee falaasama fi qarqaarsa wol-hormaata fayyaa keessatti, ni madaalamaa fi hin madaalamuu irratti, hundinuu akka itti ilaaluu filatetti. Fakkeenyi Islaamaa filannoo ifa galaa fi bu'a-qabeessaati kan ilaalcha worra dhihaa caalu kenne, adeemsa nama fayyadu filate; ergaa Rabbiitii fi hubannaa amantiitiif dursa kenne.

KITAABNI KUN

Kitaabni kun waa'ee Naamusa wal-hormaata keessatti fayyadamiinsa qorichaa ilaalchisee ilaalcha wolii galaa kan worra Dhihaa fi naamusa jireenya Islaamaa irratti qorannoolee woggaawwan kurnan dabran taasifaman xiilxala. Dhimmi kun jaarraa diigdamii tokkoffaa keessa bifa wol-xaxaa ta'een kan guddate yoo ta'u, hayyoonni Islaamaa kana suruuf qajeelfamoota adda addaa ifa godhan: Qajeelfamni duraa itti yaaduu (niyyaa) dha. Kan lammataa, miidhaa fiduu ykn sababa ta'uu dhabuu fi sadaffaan, hanga ifaan ragaan dhoowwu jiraatutti wonti kamiyyuu hayyamamaadha jedha.

Qorannoon kunis waatoota barbaachisoo ta'an afur (4) irratti xiyyeeffata: 1) karaa nam-tolcheetiin sanyii kormaa gadaamessa keessa kaayuu, fi 2) hangaqquu qaamaan alatti horsiisuu (ulaagaan: adeemsi yaalaa kun jaarsaa fi jaartii qofa ta'uu, erga abbaan worraa du'ee ykn wol-hiikanii ta'uu dhabuu, sanyii nama alagaa irraa kenname (donor) ta'uu dhabuu, sanyii qorrisifame kan jaarsa ishee ta'uu fi yoo lamaanuu jiraatan qofa ta'uu fa'a.) 3) Namaaf bakka bu'anii akka haadhaatti ulfaayuu fi 4) Wol-qunnamtii saalaatiin alatti sanyii wol-fakkaataa horsiisuudha. Naamusni Islaamaa namaaf ulfaayuu fi sanyii wol-fakkaataa horsiisuus ni dhoowwa, kabajaa gadaamessa dubartii akkasuma qulqullina sanyii miidhu waan ta'eef jecha.

Akka ilaalcha warra Dhihaatti, gochi kamiyyuu yoo booddeen isaa faaydaa qabaate sirriidha. Barsiisni Islaamaa ammoo naamusa jireenya bu'aa booda dhufuu kan jaarsa, jaartii fi daa'ima dhalatuu, akkasumas hawaasa bal'aa ilaallata. Kana jechuun, hariiroon maatii qulqulluu ta'uu; rakkoolee xiinsammuu ijoollee fi daddarbuu sanyiiitiin walqabatanii dhufan hambisuu fa'a uf keessatti qabata.